**YUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKINOOLOOJII ADAAMAA**

**MANA BARNOOTAA HUMAANITIIFI SEERAATTI,**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

# XIINXALA GAHEE TAPHNI IJOOLLEE DAA'IMMAN BARSIISUURRATTI QABU

WARAQAA QORANNOO GUUTTANNAA DIGIRII MAASTARSII AFAAN OROMOOTIIF MANA BARNOOTA EEB-BOODDEE YUNIVARSIITICHAATIIF KAN DHIYAATE

SINQINASH ALAMAAYYOOTIIN

GORSAA- OBBO MAAMMOO MANGASHAA

WAXABAJJII ,2008 A.L.I

ADAAMAA, ITOOPHIYAA

## Axeerara

Waraqaan qorannoo kuni gahee taphni ijoollee daa'immani barsiisuu keessatti qabu xiinxala. Qorannichas geggeessuuf immoo, qorattittiin gosa qorannoo akkamtaatti (qualitative research) fayyadamteetti. Akkasumas meeshaaleen ragaalee ittiin funaannachuuf ittidhimma baates af-gaaffiifi qaaccessa galmeeti.Qorannichi akka mul'isetti taphni ijoollee guddina sammuu isaaniirratti gahee guddaa qaba. Kana jechuunis akkaataa hariiroo namoota wajjinis ta'e uumama naannoo  isaaniitti argaman wajjin maal ta'uu akka qabu barsiisa;taphni sodaa, dhiphinaafi dadhabbii ijoolleerraa balleessee akka waa hordofuuf  kaka'an taasisa; ofitti amantaa daa'immanii dabaluudhaan hariiroo hiriyyoota isaanii wajjin qaban cimsuuf gargaara.Yaadaafi fedhii hiriyyoota isaanii akka hubatan taasisa. Kanaafuu, taphni ijoollee Oromoo daa'imman waan tokko akka xiinxalaniifi hubannaa barbaachisaa ta'e akka argatan taasisuuf gumaacha guddaa qaba, naamusa akka horataniifi safuu hawaasaa akka baratan taasisa.Egaa qabiyyeewwan dhimmoota armaan olitti dhiyaatan kanneen gara gosoota barnootaa kaarikulamii sadarkaa tokkoffaa keessatti argamanitti yoo jijjiirree hiikne gosa barnootaa kan akka Afaan Oromoo, Herrega, Barnoota Hawaasaa, Barnoota Saayinsii Naannoo fi Barnoota Aadaa ittiin barsiisuu nidandeenya jechuudha.Walumaagalatti guddina diinagdeefi hawaasummaa keessatti shoora guddaa taphata.

**Jecha Ijoo:** tapha ijoollee; tapha walee; tapha waltarree; tapha dhuunfaa

## Galata

*Hojii jalqabame tokko xumuranii kaayyoo ofii milkeessuu danda'uun milkaa'ina guddaadha. Kanaafuu waan hunda dura Waaqa koo isa karaa hundaan nagargaaree jalqabee hangan xumura gahutti nataasise galata guddaan dhiyeessa. Ittiaansuudhaan wayitan qorannoo kana geggeessu wixinee qorannichaa irraa eegalanii hamma hojiin kun xumuramutti gorsaafi jajjabina kan naaf kennaa turan gorsaa koo Obbo Maammoo Mangashaatiif galanni koo guddaadha.*

*Ittiaansuudhaan abbaa manaa koo Dr. Alamuu Kabbadaa kan gargaarsiifi yaadni jajjabinaa isaa yoomiyyuu nabiraa hafee hinbeekne baay'isee galateeffachuun barbaada.Akkasumas namoota mata duree kootiif madda odeeffannoo naaf eeraniifi akka hojii kana fiixaan baafadhuuf na jajjabeessaa turan mara guddiseen galateeffadha.*

*Dhumarratti ijoollee koo kan yeroo tapha isaaniirraa hir'isuudhaan gama hundaan nagargaaraafi najajjabeessaa turan Borsumaaniifi Nuuftoleet Alamuu galata jechaan madaalamuu hindandeenye dhiyeessufiin barbaada.*

Axeerara........ ii
Galata........ iii
Hiika Jechootaa........ vi
Boqonnaa Tokko........ 1
1.0 Seensa........ 1
1.1 Seenduubee........ 1
1.2 Hima Rakkoo........ 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa........ 4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo........ 4
1.3.2 Kaayyoowwan Gooree........ 4
1.4 Faayidaa Qorannichaa........ 5
1.5 Daangaa Qorannichaa........ 5
Boqonnaa Lama........ 7
2. Sakatta’a Ogbarruu........ 7
2.1 Maalummaa Afoolaafi Faayidaa Afoolaa........ 7
2.1.2 Gosoota Afoolaa........ 8
2.1.3 Faayidaa Afoolaa........ 8
2.2 . Maalummaa Taphaa fi Tapha Ijoollee........ 16
2.2.1. Maalummaa Taphaa........ 16
2.2.2 GosootaTapha ijoollee........ 17
2.2.2.1 Tapha Sochii Qaamaatiin Taphatamu........ 17
2.2.2.2 Tapha Meeshaadhaan Taphatamu........ 17
2.2.2.3. Tapha Mallattoon Taphatamu........ 18
2.2.2.4. Tapha Fakkeessoo Yookiin Gahee Taphachuu........ 19
2.2.2.5. Tapha Seera Irratti Hundaa’uudhaan Taphatamu........ 19
2.2.2.6 Tapha kophaa/dhuunfaa........ 20
2.2.2.8Tapha Walee........ 21
2.2.2.9Tapha Gamtaa/ Cooperative play........ 21
Boqonnaa Sadii........ 22
3. Mala Qorannichaa........ 22
3.1. Madda Ragaalee........ 22

3.2 Iddattoo ........................................................................................................23
3.3 Meeshaa Ragaaleen Ittiin Funaanaman ...................................................................24
3.3.1. Af-gaaffii .......................................................................................................25
3.3.2 Qaaccessa Galmee ............................................................................................25
3.4 Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffaman .....................................................................26
Boqonnaa Afur ........................................................................................................27
4. Xiinxalaafi Qaaccessa Ragaalee ..............................................................................27
4.1 Seensa ................................................................................................................27
4.2.1 Akkaataa Taphni Ijoollee Daa'imman Herrega Ittiin Barsiisuuf Oolu ..............................30
4.2.2 Akkaataa Taphni Ijoollee Daa'imman Saayinsii Naannoo Ittiin Barsiisuuf Oolu ...............33
4.2.3 Akkaataa Taphni Ijoollee Daa'imman Safuu Hawaasaa fi Naamusa Ittiin Barsiisuuf Oolu 35
4.2.4 Akkaataa Taphni Ijoollee Xiinxalaafi Waahubachuu Ittiin Barsiisuuf Oolu .......................36
4.2.5 Akkaataa Taphni Ijoollee Sababeessuun Waahubachuu Ittiin Barsiisuuf Oolu ..................45
Boqonnaa Shan .........................................................................................................50
5. Cuunfaafi Yaada Furmaataa .....................................................................................50
5.1 Cuunfaa ..........................................................................................................50
5.2 Yaada Furmaataa ..................................................................................................53
Wabiilee ..................................................................................................................55
Dabalee ...................................................................................................................58

## Hiika Jechootaa

Boshee boshoroo……………………… Nama qaamaafi qalbiin isaa fayyaa hintaane

Dolol'oo……………………………………. Laga xinnoo yeroo baay'ee bona gogdu

Muka mukkannoo………………………… Muka hoffaa jirmi isaa qaawwaa

Tapha Gamtaa……………………………… Tapha ijoolleen garee tokkoofi isaa oliin taphatan

Tapha Kophaa ………………………………Tapha gara garaa ijoolleen kophaa taphatan

Tapha Walee……………………………………Tapha ijoolleen cimdii ta'uudhaan taphatan

Tapha waltarree…… Tapha ijoolleen osoo waliin jiran tapha walfakkaataa dhuunfaan taphatan

# BOQONNAA TOKKO

## 1.0 Seensa

## 1.1 Seenduubee

Afaan Oromoo afaan saba bal’aa uummata lakkoofsi isaa miliyoona afurtamaa oliin dubbatamu ta’uun isaa ragaaleen adda addaa nimul’isu. Afaanichis loqoda bal’aakan qabudha. Sabichi afoola isaatti fayyadamuudhaan baroota dheeraaf barreeffama osoo hinqabaatin karaa seenessuu, tapha ijoollee, mammaaksa, hibboo, geerarsa, weedduu, faaruu, oduu duriitiifi kan kana fakkaataniin daa’imman isaa barsiifachaa turee jira; ammas itti fayyadamaa jira.Afoolli bal’inaan hawaasicha keessatti argaman kunis qoratamanii bifa barreeffamaatiin faayidaa barnoota daa’immaniitiif osoo oolfamanii beekumsa, aadaa, safuufi falaasama sabichaa eeganii guddina gara fuulduraatiif yaadamu saffisiisuuf akka gargaaru taasisuun barbaachisaadha.Sababni isaa guddinni afoola saba tokkoo sadarkaa guddina qaroomina sabichaa wajjin waan walqabatuufi.Haata’u malee hamma ammaatti qorannoon gama kanaan taasifamee taa’e gahaan hinjiru.

Keessumattuu taphni ijoollee barnoota daa’immaniirratti gaheen taphatu bal’aa ta’ee osoo jiruu qorannoon gama kanaan taasifamee bifa barreeffamaatiin taa’e gahaa ta’e hinargamu. Wanti akka tattaaffii gaariitti ilaalamuu danda’u gosoonni tapha ijoollee godinaalee adda addaa  maxxansa Biiroo AadaafiTurizimii Oromiyaa kan ta’e barruu Wiirtuu jedhamu jildii 5 fi 7 keessatti hamma tokko niargamu. Ittifayyadama afoola Oromoo dhimma barnootaaf ilaalchisee hanga ammaatti gama kanaan akka fakkeenyaatti eeramuu  kandanda’u waraqaa qorannoo Obbo Abbabaa Lammeessaatiin “Hiibboo Oromoo Ija Qor-barnootaatiin” jedhu qofa.Haaluma kana hubachuudhaan waraqaan qorannoo kunis afoola Oromoo keessaa gahee taphni ijoollee barnoota daa’immanii keessatti qabuxiinxaluurratti xiyyeeffata.

Xiinxalli gahee taphni ijoolleebarnoota daa’immaniirratti qabuyeroo taasifamu hariiroo hawaasichi guyyaa guyyaan adeemsisaa tureefi ammas gochaa jiru keessattis tooftaawwaninni fayyadamu maal maal akka ta’an hubachuu barbaachisa.Qunnamtii akkasumas hariiroon maatiifi ijoollee jidduu jiru maal maal akka fakkaatuufi gaheen tokkoon tokkoon isaanqaban hubachuus nigaafata. Qabiyyeen tapha ijoollee dhiyaatanii dhaamsaafi qabiyyee mataa isaa qaba.Isa kanas addaan baasanii hubachuunimmoo barumsa akkamii gabbifachuuf akka gargaaru hubachuuf namagargaara.

Taphni ijoollee waamalee hintaphatamu.Wanti taphatamuufis bashannansiisaa yaada bal’aa,barnoota jireenya borii daa’immanqajeelchu dabarsuuf.Taphni ijoollee kan baay’ee bal’aa ta’eefi afoola gabbataadha. Keessumattuu taphni ijoollee kan daa’imman gitaawoo isaanii biroo wajjin adeemsisan waan ta’eef salphaatti walirraa akka waan haarawa baratan gargaara. Sammuu isaanii akka cimsatan, dandeettii waa yaadachuu, waa xiinxaluu, herreguufi naannoo isaanii bal’inaan akka hubatan taasisa.Taphni ijoollee guddina sammuu isaaniiirratti gahee guddaa taphata.Waan ija isaaniitiin arganqofa osoo hintaane yaadaan akka herreganiifi xiinxaluu danda’an shaakalsiisa. Kana malees akkaataa hariiroo namoota wajjinis ta’ee uumama naannoo isaaniitti argaman wajjin maalta’uu akka qabu barsiisa.Taphni sodaa, dhiphinaafi dadhabbii ijoolleerraa balleessee akka waahordofuuf kaka’an taasisa. Ofitti amantaa daa’immanii dabaluudhaan hariiroo hiriyyoota isaanii wajjin qaban cimsuuf gargaara.Yaadaafi fedhii hiriyyoota isaanii akka hubatan taasisa.Kana jechuunis daa’imman dandeettii qajeellootti yaaduu (critical thinker) akka danda’antaasisa.Ogummaa rakkoo furuu akka gonfatan taasisa.

Kanaafuu taphni ijoollee hawaasa keessatti bal’inaan bara dheeraaf guddachaafi babal’achaa dhufe kuni qoratamee bifa barreeffamaatiin yoo qabamee kunuunfame haala jiruufi jireenya hawaasichaa jijjiiruu bira darbee egeree biyyaatiif daandii filmaata biroo hinqabne

jechuunnidanda'ama. Keessumattuu mala barumsi daa'immaniif ittiin dabarfamu yoo ta'ebarnoota cimsuuf gargaara; barattoonni barnoota kennamu salphaatti akka hubatan taasisa; barnoota barataa giddu-galeeffate kennuuf haala mijeessa; dudhaafi aadaa hawaasichaa barsiisuuf nigargaara;naamusa barsiisa yookiin jireenya hawaasummaatiif qopheeessa.Walumaagalatti guddina diinagdeefi hawaasummaa keessatti shoora guddaa taphata.

**1.2Hima Rakkoo**

Yeroo ammaa yeroo Afaan Oromoo afaan barreeffamaafi barnootaa ta'ee jiru kanatti afoola uummata Oromoo keessatti argaman qoratanii guddina afaanichaatiifis ta'ee guddina diinagdeefi hawaasummaatiif akka oolu gochuun baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee qorannoowwan gama kanaan hamma ammaatti adeemsifaman baay'ee xinnoon jiraatanis xiyyeeffannoo guddaan isaanii gosoota afoola Oromoo keessatti bal'inaan argaman qorachuurratti ta'ee mul'ata. Waa'een aadaa fuudhaafi heeruma godinaalee adda addaa keessatti argamanii, hiibboo, oduu durii, tapha ijoollee fi kan kana fakkaatan qorannoowwan armaan dura adeemsifamaniin hamma tokko hammatamanii jiru.Haata'u malee afoolli bal'inaan hawaasa Oromoo keessatti argaman kuni akkaataa gosa barnoota adda addaa keessatti daa'imman ittiin barsiisuun danda'amuufi qophii kaarikulamii barnootaa keessatti gargaaruu danda'urratti qorannoon godhame waan hinjirreef gahee taphni ijoollee barnoota daa'immanii keessatti qabu keessumattuu akkaataa gosa barnoota adda addaa ittiin barsiisuun danda'amu qorachuun barbaachisaa ta'ee argama.

Yeroo ammaa kana kitaabbilee barattootaa kan sadarkaa tokkoffaa saayikilii tokkoffaa fi lammaffaa daa'imman ittiin barachaa jiran yoo ilaalle xiyyeeffannaan gama kanaan warra kaarikulamii barnootaa qopheessaniin kennameef gadi aanaadha jechuun nidanda'ama. Kanumas kanibsu kitaabbilee barnootaa kutaa tokko irraa hamma kutaa saddeetiitti argaman

keessaa kan tapha ijoollee muraasa ta'an qofa kaarikulamii isaanii keessatti fayyadamanbarnoota Afaan Oromoo kutaa sadaffaa fi kutaa shanaffaa qofa.Qorannoon kunis hir'inoota armaan olitti ibsamaniif fala kennuuf yaala.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qorattittiintapha ijoolleerratti hundaa'uudhaangaaffilee armaan gaditti tarreeffamaniif deebii barbaaduuf jirti.

- Gaheen taphni ijoollee daa'imman barsiisuu keessatti qabu maali?
- Gumaachi taphni ijoollee barnoota ammayyeessuu keessatti qabuhammami?
- Qabiyyeewwan tapha ijoollee keessatti argaman gosa barumsa gara garaa ittiin barsiisuuf hammam gargaaruu danda'u?

**1.3Kaayyoo Qorannichaa**

Qorannoon kuni kaayyoowwan armaan gaditti tarreeffaman galmaan gahuuf kan taasifameedha.

**1.3.1 Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon qorannoo kanaa gaheetaphni ijoollee barnoota daa'immanii keessatti qabu xiinxaluudha.

**1.3.2 Kaayyoowwan Gooree**

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gaditti tarreeffaman ta'u.

- Akkaataa taphni ijoollee daa'imman herrega ittiin barsiisuuf oolu ibsuu,
- Akkaataa taphni ijoollee daa'imman Saayinsii naannoo ittiin barsiisuuf oolu addaan baasuu,
- Akkaataa taphni ijoollee daa'imman amala gaarii ittiin barsiisuuf oolu ibsuu,
- Akkaataa taphni ijoollee daa'imman dandeettii xiinxalaafi hubachuu ittiin barsiisuuf oolu ifa gochuu,
- Akkaataa taphni ijoollee daa'imman haamilee hojii akka horatan taasisu ibsuufi

- Akkaataa taphni ijoollee daa’imman safuu hawaasaa ittiin barsiisuuf oolu ifa gochuudha.

## 1.4 Faayidaa Qorannichaa

Taphni ijoolleebal’inaan saba Oromoo keessa jiru qorachuufi akkaataa hawaasichi beekumsa qabu ijoollee isaatiif ittiin dabarfachaa jiru hubachuun faayidaalee gurguddoo baay’ee qaba.

- ❖ Akkaataa Sabni Oromoo barreeffama osoo hin qabaatin aadaafi safuu isaa dhaloota haaraa isa duuba dhufanitti ittiin dabarfachaa akka dhufan beekuuf nama gargaara.
- ❖ Beekumsa hawaasa keessa bara dheeraaf kuusamanii turan keessumattuu taphoonni ijoollee osoo harca’anii hinhafin dhaloota haaraaf dabarsuuf kaarikulamii barnootaa keessatti akkaataa ittiin hammatamuu danda’u hubachuufgargaara.
- ❖ Adeemsa guddina dinagdeefi hawaasaa keessatti aadaafi dudhaa hawaasichaa wajjin tarkaanfachiisuufi kkf. tarreessuun nidanda’ama.

Bu’aan qorannoo kanaatis qaamota biiroo barnootaakan sadarkaa adda addaatti argamaniifi kaarikulamii barnootaa qopheessan, akkasumas kitaabbilee barnootaaf oolan kan qopheessan hunda nigargaara. Dabalataanis qorannoowwan gama kanaan gara fuulduraa geggeeffamuufis akka ka’umsaatti tajaajiluu nidanda’a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kuni akkaataa Sabni Oromoo tapha ijoolleetti fayyadamuudhaan daa’imman isaa ittiin barsiifaturratti kan fuuleffatu waan ta’eef Oromoota magaalaa Adaamaa jiraatanii fi godina Shawaa Bahaa keessaa aanaalee afur irratti kan fuulleffate ta’a. Yeroo

qorannicha kana adeemsisus wantoonni daangessoo qorannichaa ta’anhanqina barreeffamoota wabiifi yeroo gahaa dhabuudha.

# BOQONNAA LAMA

# 2. Sakatta'a Ogbarruu

## 2.1Maalummaa Afoolaafi Faayidaa Afoolaa

### 2.1.1Maalummaa Afoolaa

Akka hiika "Wikipedia, the free encyclopedia" tti afoolli duudhaafi aadaa dhaloota tokkorraa kan birootti barreeffama malee karaa dubbii afaaniitiin darbuudha. Kunis immoo sirbaan, mammaaksaan, oduu duriitiin, seenessuutiin, safuudhaan, taphaafi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a. Kanuma wajjin wal qabatee Ruth Fennigan(2012) kitaaba Oral literature in Africa jedhamu keessattii akka ibsitetti : "ummanni baldhaan otoo barnoota idilee fi barreeffama hin qabaatin kan kuufatee argamu qabeenyi ummataa yookiin hambaan hundinuu afoola," jedhama jetti.Gama biraatiin afoolli akaakuu ogbarruu durii jalqabee jiru,daawwitii jireenya hawaasa tokkooti. Afoolli calaqqee eenyummaa hawaasaati.Kana jechuunis jireenya hawaasaa akkuma jirutti kan calaqqisiisu osoo hinta'in,haala miidhagina qabuufi baay'ee nama hawwatuun.Kanarraa kan ka'e ,ergaan afoolaan darbu xiyyeeffannoo argata , nihubatama.

Afoolli eenyummaafi ilaalcha sabaa,haala beekumsaa ,seenaafi qaroomina ummataa kan agarsiisu mallattoo sabni tokko saba biraarraa adda bahee ittiin beekamuudha.Saba tokkoofi afoolli aadaa,duudhaa , barsiifataafi akkasumas seenaa dabarsuuf haalawwan jiruufi jireenya ummataa kan ibsu damee ogbarruu ta'uun beekama.Dameen ogbarruu kunimmoo afaaniin qofa hawaasni yeroo dheeraa keessatti kuufatan ,har'as kan kuusaa jiran hambaa ta'uurra jiraachuuf jecha sochiilee taasifamaniin kan uumamu kuusaa muuxannoowwan hedduufi calaqqee

muuxannoowwan kanneeniiti. Bu'uura kanaan yoo ilaalle afoolli Oromoo dheedhii kan hintuqamneefi hedduu akka ta'e hubachuun wanta nama rakkisuu miti.

Hayyuun Austin (1983) kitaaba isaa Understanding Oral litrature jedhu keessatti hiikkaa afoolaa wayita ibsu " Afoolli dubbiiwwan dubbataman ,yaadataman yookaan sirbaman kan qindaa'aniifi kan gochi isaa miidhaginaafi hubannaa gadi fageenyaatiin dinqisiifamu kan fakkiiwwan ibsaman guddisee mul'isuudha" jedha

### 2.1.2Gosoota Afoolaa

Afoolli akaakuu adda addaa qaba.Kanas kan bifa ogwalalootiifi bifa ogwalaoo hintaaneen kan dhiyaatan yoo ta'an, gama biraatiin ammoo mammaaksa ,hibboo ,sirba, durdurii, tapha ijoollee, geerarsa,weelluufi kan kana fakkaatan jedhamuun qooduun nidanda'ama.Gama biraatiin immoo hayyuun Miruka ( 1999) akka jedhutti afoola bifa sadiin ilaaluu dandeenya jedha. Isaanis፡sadarkaa tokkoffaa irratti kan bifa hibboon dhiyaatan.Taphni gosa kanaakan bifa gaaffiifi deebiitiin taphatamanii kan tilmaamaafi mallattoon dhiyaatan yoo ta'u, inni lammataa immoo kan bifa mammaaksaatiin dhiyaatuudha.Kunis gabaabbatee yaada bal'aafi ergaa cimaa jechoota mimmiidhagoofi filatamoo ta'aniin kalaqa sammuu ilma namaatiin kan dhiyaatuudha.Inni sadaffaan ammoo kan bifa walalootiin yeedaloo qabaachuun dhiyaatuudha. kan akka sirba jaalalaa, sirba cidhaa, faaruu amantaa , geerarsa booree, sirba hojiifi kan kana fakkaatan ta'uu danda'u jedha.Walumaagalatti gosoota afoolaa kamiyyuu nama isaaf ofkenneef muuxannoo guddina guutummaa namaatiif baay'ee barbaachisaafi murteessaadha.

### 2.1.3 Faayidaa Afoolaa

Ogeessonni adda addaa waa'ee barbaachisummaafi faayidaa afoolli hawaasa keessatti qabu bal'inaan ibsanii jiru. Haata'u malee akka hayyuuFeqaadee ( 1991 :16)jedhutti faayidaa afoolli jiruufi jireenya hawaasaa fooyyessuurratti qabu kana jedhanii dubbachuun gahee isaa xiqqeessanii ilaaluu ta'a jedha . Yaanni kunis faayidaa afoolli jiruufi jireenya hawaasaa keessatti

qabu ol'aanaa ta'uu isaafi  kana jedhanii ibsuuf kan nama dhibu ta'uu agarsiisa.Kanas hayyuun kun faayidaa afoolaa wayita ibsinu ibsi keenya kan afoolli qabatamaan nuuf kennuu gadi akka hin taane sodaa qaburraa ka'uus niargina.

Barreessaa fi barsiisaa Beekan Gulummaa (2014)dhimma kana ilaalchisee yaada bal'aa armaan gaditti jiru kaa'eera.Uummanni Oromoo afoola akka galaanaa danbali'u qaba.Afoola uummata tokkoo kallattiinis ta'e kallattiin ala keessa jireenya uummatichaa qo'achuu danda'a. Manni barumsaa ammayyaa kun osoo hindhufin hawaasni daa'imman isaa waa'ee safuu, seenaa, seeraa, duudhaa, aadaafi afaansaa afoolasaatti gargaaramee daa'immansaa barsiifachaa ture.  Haaluma kanaan faayidaa afoolli seenaa saba tokkoo keessatti qabu keessaa, burqaa beekumsaa, gama guddina ogbarruu, waa ibsuu, waa cimsuuf dabarsuutiin ilaaluu dandeenya.

Afoolli madda beekumsaa ta'ee tajaajiluu danda'a. Beekumsi uummanni Oromoo karaa miti idilaawaa ta'een dhalootasaan ga'aa tureef barsiisachaa jiru muuxannoo afoolasaarraa achii as kan dhufeedha.  Haaluma kanaan jiruufi jireenya saba tokkoo kan ittiin calaqqisu aadaan, afoola uummatichaatiin labata tokkorraa kan biraatti lufa.  Kanaaf burqaa beekumsaakanta'e afoola aadaa uummatichaa hundee godhateetu dhaloota haaraa waa'ee safuu, duudhaa, jiruufi jireenya kan Orom-durii Orom-ammaatti hima jechuudha.

Afoolli akka uummanni tokko waa baratuuf nifayyada. Utuu barnoonni ammayyaa kun hindhufin dura akka madda barnootaafi beekumsaatti kan tajaajilaa ture afoolasaati. Uummanni Oromoo, aadaa, seenaa, seera ittiin bulmaataafi kanneen biroo kan inni dhaloota haaraa barsiisaa ture afoola isaatti gargaaramuuni. Afoolli aadaafi duudhaa kuusaa muuxannoo hawaasaa kan jaarraa hedduu barsiisa. Haaluma kanaan afoolli faayidaa barsiisuufi barnoota ammayyaa keessattillee shoora guddaa taphachaa jira.  Fakkeenyaaf, tapha ijoollee yoo ilaalle dandeettii yaaduu, dandeettii herregaa daa'immanii guddisuu keessatti ga'ee ol'aanaa qaba.Afoolli, daa'imman

naannoo isaanii akka baraniif akka ofis beekaniif, tokkummaa akka qabaataniif, waliif akka yaadaniif nageenyi gidduu isaanii akka ta'uuf hedduu gargaara. Dabalataanis muuxannoo hawaasa darbanii warra amma jiraniif qooda.

Hayyuun Ruth Finnegan (2012) jedhamtu barreeffama ishii keessatti akka ibsitetti immoo qo'annoofi dinqisiifannaan afoolaa akkaataa yookiin adeemsa walxaxaa ilmaan namootaa waan tokko hubataniifi baratan hubachuufuu nama gargara jette: '*'The study and appreciation of oral literature is more important than ever for understanding the complexity in human cognition"(p xvii)* .

Akkuma kana immoo kitaaba UNESCO dhaan maxxanfameefi nama Drhae-ri Kim (2003), jedhamuun mata duree "The Role of Folktales Today'' jedhu keessatti gahee afoolli barumsaafi aadaa cimsachuu keessatti qabu yoo ibsu akkas jedha: *" Folktales have been shared in every society to entertain, educate, and preserve culture."* Kanas jechuun afoolli bashannansiisuuf, barnoota kennuuf akkasumas aadaa saba tokkoo tiksanii dhaloota itti'aanutti dabarsuuf gahee guddaa akka qabu hubanna.Dhalli namaa jireenyasaa keessatti wantoota isaaf hingalle maraaf deebii argachuu nibarbaada; nicarraaqas.waa'ee uumamaa, waa'ee naannoo isaa gaaffii hedduu nikaasa.Daa'immanis waa'ee taatee wantoota uumama keessaa baruuf gaaffii garagaraa nikaasu.kanaaf, jaarsoliin, abbootiin afoolatti gargaaramuun deebii kennu. Afoolli waacimsuun dabarsuutiin gahee guddaa qaba. Faayidaa guddaa afoolli qabu keessaa aadaan, seenaan saba tokkoo cimee dhaloota tokkorraa gara biraatti akka darbuuf humna kennuusaati. Keessumaa hawaasni tokko wanti gaariin, amalli gaariin cimee akka ittifufuuf afoolatti gargaaramuun dhaloota biraatiif dabarsa. Fakkeenyaaf, sabni Oromoo, seenaa Abdiisaa Aagaafi Taaddasaa Birruu gootummmaa isaanii afoolasaatti gargaaramuun dhaloota haaraaf dabarsaa jira.Kun egaa gootummaan cimee dhalootaaf akka darbu taasisaa jira. Ilmi Oromoo tokko yeroo gorsus ta'earaaraaf gadi taa'u, waan dubbatu sana kan isaaf jabeessan kan akka mammaaksaafi

durduriifaatti gargaarama. Qaroominni har’a aadaa keenya miidhaa jiru kunillee akka inni safuu ganamaa sana nuhindagachiifneef waa’ee qarreef qeerrummaa ogafaanitti gargaaramuun akka of eeggatan taasifama.

Afoolli akka sansakkummaafi  safuun hawaasaa eegamu nugargaara. Kana jechuun, uummatni Oromoo seerota aadaa, safuufi seerota ittiin bulmaataa niqaba.  Jiruufi jireenya isaa keessatti ammoo seerotni aadaa akka hincabne, akka kabajamaniif afoolasaatti gargaaramuun to’ata. Karaa kan biraa, amaloota badaa afoola  isaatiin yeroo to’atu, amaloota gaariin (naamusi gaariin) ciminaan akka ittifufaniif afoolasaatiin jajjabeessa. Fakkeenyaaf, hanniifi sobni amala gaarii akka hintaaneefnama kana raawwate yeroo to’atu. ‘Hattuufi sobduun ija hinbaattu .’ jechuun amaloota kana ittiin to’ata..”Hayyuu Sr. Rose Leon (2009) gahee afoolli sansakkummaa barsisuu keessatti qabu yoo ibsitu qo’annoon dhiyeenya kanaa waa’ee dhiibbaa afoolli guddina hawaasaarratti qaburratti geggeeffamee ture gahee afoolli guddina sansakkummaarratti  qabu waan agarsiiseef kan abdii nuuf kennu jette. “ A recent study on the influence of oral literature in today’s society gives as a glimmer of hope as it explores the role of oral literature in moral development”(p.1).

Afoolli meeshaa miliqqee guddicha ta’uun tajaajila nuuf kenna.  Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti bu’aa bayii hedduutu isa mudata.  Yeroo kana ammoo bakka jalaa miliquun barbachisaa ta’etti waan isa miidhu miliquun qolata.  Jireenya nuffisiisaa keessaa miliquun gara addunyaa boqonnaatti godaanuun  nijira. Haalli rakkisaan humna namaatii ol ta’e yoo nama mudatu ogafaan meeshaa ittiin miliqaniidha.  Kunis afoolli addunyaa nuffisiisaa jalaa gara addunyaa gammachuufi bashannansiisaa ta’eetti akka ce’aniif nama gargaara.  Jireenyi nuffisiisaan kolfaan irranfachuutiin addunyaa haaraa keessa galuun addunyaa boqonnaa keessa jiraachuuf afoolli meeshaa guddaadha.  Namni kamiyyuu daangaa aadaa hawaasa isaa keessa jiraata.Garuu yeroo tokko tokko afoolatti gargaaramuun yeroo keessaa miliqantu jira.Afoola

yeroo ittigargaaramutu jira.As keessatti aadaa hawaasichaa jalaa miliqaniiru jechuudha.Kanaafidha afoolli faayidaa miliquu nikennakan jedhamuuf. Kanaafuu eenyuyyuu waan garaasaa keessa jiru kan akka hawwii, aarii, gammachuufi kkf sodaa tokko malee afoolasaatti gargaaramee ibsata

Dabalataanis Abdulbasit Abdulsemed (2014) waa’ee afoolaa yoo ibsu :*“Afoola Oromoo keessaa sirbi godinaalee addaaddaatti haala garagaraatiin kan ibsamuufi moggaasa adda addaa kan qabuudha. Fakkeenyaaf, shaggooyyee, mirriysaa (mirrigaa), dhiichisa, heellee, heellemtaa, daraashii, shoobdoo, arrabsoo tiksee, qirindillee (tapha ijoollee), golollee (huruursa daa’immanii)fi kkf eeruun ni danda’ama”* Ittis dabaluudhaan sirboonni armaan olitti tarreeffaman kunniin yoom akka sirbaman, eenyuun sirbamuu akka qabaniifi dhaamsa yookiin barumsa dabarsan akka qaban ibseera. Akka Tobias OlooOwiti et al (2013) jedhanitti immoo afoolli barattoonni seerluga yeroo baratan waan baratan tokko gadifageenyaafi akkaataa jireenya saba sanaa calaqqisiisuun akka hubatan taasisa. “*the use of oral literature in the teaching of grammar in schools would provide the learners with a genuine learning context and a focus to communicate.”*

Taaddasaa Jaalataa (2013) immoo gama isaatiin waa’ee faayidaa afoolli daa’imman barsiisuu keessatti qabu barreeffama isaa “ Children and Oral Tradition Among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia” jedhu keessatti barattoonni Oromoo Gujii bifa seenessuutiin barnoota akkamitti akka cimsatan yoo ibsu:Taphni ijoolleen Gujii waan afaaniin seenessan (narrative), sochii qaamaatiin agarsiisaniifi sagaleen fakkeessan ofkeessaa qaba. Namni taphicha dhiyeessu sagalee mijaawaadhaan, sochii hawwataa ta’een akkasumas tartiiba raawwii eeguudhaan jalqabarraa kaasee hamma dhumaatti tapha isaa yoo dhiyeessu warri hafan yaadaan duukaa bu’u.Hala kanaan walharkaa fuudhanii yoo taphatan taatoowwan tiyaatira taphatan fakkaatu jedheera. Dabalataanis bu’aa taphichi barnoota daree keessatti qabu yoo ibsu daa’imman waan

arganiifi dhagayan dabareedhaan irra deddeebi’anii yoo shaakalan gammachuun fuulaisaaniirraa mul’atuufi kolfi isaanii kan agarsiisu gaheen taphni ijoollee barnoota daree keessatti qabu hammam tokko guddaa akka ta’eedha jedheera.

> *“Narrative is the traditional ways of performing folktales among children of Guji people. ……………… A teller imitates the cha-racter’s actions, voices, and behaviors.The children in the classrooms we observed, for example, lis-tened to the narration and mimicked the characters accurately. We noticed that children gave their attention to the telling-child and expressed their feelings through laughter, smiling, and facial expressions.”*

Eunice Suter (2013) waraqaa qorannoo isaa “An Assessment of Preliminary Issues on the Implementation of Kiswahili Oral Literature Syllabus for Secondary Schools in Marakwet District, Kenya” jedhamu keessatti bu’aa afoolli qabu wabiilee qorannoo isaa keessatti ibsetti fayyadamuudhaan yoo ibsu qabxiiwwan gurguddoo armaan gaditti tarreeffaman kaasa.

**1.Dandeettiiwwan Afaanii QabatamaaTaasisuuf**

Kana jechuun dandeettii waan tokko dafanii yaadachuu nidabala; dandeettii waa tokko gadi fageenyaan yaaduu fi deebii sirrii ariitiidhaan kennuu, akkasumas yaada ofii sonaan yookiinqindoominaan deebisuu akka danda’an nama taasisa. Kana jechuunis yoo waan tokko seenessaa jedhamanii gaafataman dandeettiiwwan horatan kanneen battalumatti akka ittifayyadamuu danda’annama taasisa.Naamusaan dhaggeeffachuu, dabaree ofiieeganii waa’ee dhimma dubbachuuf malan qofa yaada yaa’a hawwataa qabuun dubbachuu dandeessisa jechuudha.

> *“.....It helps us to develop memories, our abilities to think fast and systematically and in communicating logically. This is to say, if one is asked to tell a story, he will inevitably find that he has to call on all these skills at once."Eunice Suter (2013).*

**2. Barnoota Kennuufi Hubannoo Uumuuf**

Afoollibarnoota kennuuf gahee ol'aanaataphata. Keessumattuu afoolli Afriikaa kanseenaafi odeeffannoo dhugaa ta'an yookiin dhugummaan isaanii amanamuurratti kan hundaa'an waanta'aniif qorattoonni baay'eenakka madda odeeffannootti fayyadamaa jiru. Kana jechuun afoolli seenaa , duudhaafi qaroominni sabaa isa barreeffamaan qabamee hinjirre kan akka saba Afriikaatiif afoolli isaa madda kuusaa beekumsaafi seenaa isaa ta'uu isaati.Taphni ijoollee baay'een isaaniitis amaloota namaa, biqilootaa, bineensotaafi kan wantoota biroo aadaa isaanii keessatti argamanirraa kan maddaniidha.Akka Bukenya (2001) jedhutti afoolli ofbaruuf, namoota biroos hubachuuf, naannoo ofiifi aadaa ofii baruuf, hariiroofi ilaalcha namoota jidduu jiru, dabalataanis teekinooloojii haaraafi caasaa hawaasummaa saba sana keessa jirullee hubachuuf nigargaara.

> *"Oral literature plays a major role in the field of education. African children, for example, are made to learn myths and legends because they contain information that is true, or thought to be true (Lusweti, 1992). …………..teach children the characteristics of people, plants, animals among other things in their cultural setting, as well as some features of technology and social structure."*

**3. Safuu fi Dudhaa Hawaasaa Eeguuf**

Lusweti(1992) akka jedhutti afoolli aadaafi safuu hawaasa tokkoo gabbisuufis ta'e haala jiraniin dhaloota haaraatti dabarsuuf nigargaaru. Haaluma kanaan afoolli barmaatilee hawaasaa gaarii ta'an jajjabeessuudhaan tiksanii dhaloota haaraatiif dabarsuuf, isaan duubatti hafoo ta'aniifi gochoota miidhaa hordofsiisan immoo bifa taphaatiifi sirbaatiin hawaasichi aadaa fi safuu isaanii akka eeggatan taasisa;nama hojii fakkeenyummaa gaarii

qabu hojjetan jajjabeessuuf, warra hojii yaraa hojjetan immooafoola isaatti fayyadamuudhaan akkatuffatamaniifi balaaleffatan taasisa. Kana gochuufis mammaaksa,geerarsa, oduu durii, tapha ijoolleefi kan kana fakkaatutti fayyadama.

*“Oral literature helps to maintain cultural values and accepted rays of social behaviour. It is, therefore, widely used to express social approval and disapproval, and to exercise social control. Proverbs, songs of ridicule, riddles and even stories are used to publicly disg race people who do not behave well in the society.”*

**4.Bashannansiisuuf**

Bashannansiisuun faayidaa afoolaa keessaa isa baay’ee barbaachisaadha. Afoolli sirba, oduu durii, faaruu, mammaaksa, hiibboo, tapha ijoolleefi kan kana fakkaatan ofkeessatti qabata.Keessumattuu taphni ijoollee yookiin oduu durii hawwataahintaane tokko namni dhaggeeffachuu hinfedhu.Kanaafuu hawwataa ta’uuf bashannansiisaa ta’uutu irraa eeggama.Afoolli yeroo ittihimamu qaba. Haala ittiinhimamus qaba. Sadarkaafi umrii dhaggeeffataallee kan giddugaleeffateedha. Hunduma isaanituu kan fedhii isaanii guutee bashannansiisufi hawwatu ta’uu qaba, Dhimmuma kana hayyuu Luswetti jedhamu yoo ibsu akkas jedha:

> *“Amusement is obviously the most important function of oral literature ……. a story or a song, a riddle, or a proverb must have immediate value of entertaining the audience). If a story is not interesting, for example, it is not likely to attract the audience and keep it attentive up to the end.”(Lusweti, 1992*

**5. Haamilee Kufte Kaasuuf Miira Kaka’umsaa Namatti Horuuf**

Afoolli haamilee namatti horuudhaan dadhabbiifi gadda jiru namairraanfachiia. Jechoota yeroo biroo akka safuufi qaanfachiisaatti ilaalamanitti fayyadamuudhaan miira namootaa kakaasuuf nitajaajila.Gama biraatiinis hojiif nama sissi’eessuudhaan namni cimee akka

hojjatu jajjabeessa.Kan hojii jaallatu ammoo nionnachiisa, kan hojii hinjaallanne ammoo akka tuffatamu taasisuun hojiitti akka galu dhidhiibuun shoora guddaa taphata.

## 2.2. Maalummaa Taphaa fi GosootaTapha Ijoollee

### 2.2.1. Maalummaa Taphaa

Namoonni yeroo baay'ee hiikaan tapha faallaa hojii yookiin dalagaa akka ta'eetti ilaalu.Akka gocha kaayyoo hinqabneefi barbaachisaa hintaneetti ilaalu.Akka gocha bashannansiisuufi mukoo baasuu qofa ta'eetti ibsu.Ijoolleenis taphachuunisaanii waan bilchina sammuu hinqabneefi jedhanii kan ilaalanis jiru. Haata'u malee ilaalchonni kunniin hundi isaanii dogoggora. Sababni isaatis qorannoowwan adda addaa akka ragaa bahanitti akaakuun taphaa adeemsifamu kamiyyuugama gahiinsa ilmi namaa gama afaaniitiin, aadaafi teekinooloojiitiin gonfateedha.Akka hayyuun David Whitebread (2012) jedhuttitaphni daa'imman qofaaf osoo hintaanee namoota ga'eessotaafis barbaachisaa ta'uu isaa nimirkaneessa. Jaarraa keessa jirru kana keessatti taphni sadarkaasaa eeggate barnoota daa'immanii keessatti gaheen inni qabu ol'aanaa akka ta'e qorannooniifi namoonni poolisii barnootaarratti hirmaatan hedduun ittiwaliigalu.Kanaafuu taphni ijoollee gocha kaayyoofi faayidaa qabu kan karaa dubbii afaaniitiin yookiin karaa sochii qaamaatiin bashannansiisuuf, barnoota dabarsuuf, haamiilee cimsuufi kan kana fakkaatan ofkeessaa qabu jechuun nidanda'ama.

Fedhii daa'imman taphaaf qaban uumamumaan kan keessa isaanii jiru ta'ullee taphichi dhugumaan akka bohaarsaa ta'u, akka barumsi irraa argamuufi akka aadaafi safuu hawaasichaa bifa eegeen taphatamu gochuu keessatti gumaachi ga'eessotarraa eegamu iddoo olaanaa qaba (Singer, 2006). Kana raawwachuu keessatti hawaasa hedduu biratti akkuma beekamu jalqaba leenjii tapha daa'immaniif taasifamu kamuu keessatti maatiin yookiin guddistoonni yeroo daa'imman waliin taphatan mul'atu. Gaheen ga'eessotaa

akkaataafi gosoota taphoota adda addaa barsiisuu qofaanis kan daangeffamee miti. Iddoo fi yeroo akkamii taphichi akka taphatamullee daa'immaniif ifa taasisu yookiin niibsu.

### 2.2.2 GosootaTapha ijoollee

Akkuma qorataa Amoyles (1989) jedhutti taphni ijoollee faayidaa guddinaafi barnoota isaaniitiif qaburratti hundaa'uudhaan bakka shanitti addaan baasuunnidanda'ama. Isaanis tapha sochii qaamaatiin taphatamu, tapha meeshaadhaan taphatamu, tapha mallattoon taphatamu,tapha fakkeessoo yookiin gahee taphachuufi tapha seerarratti hundaa'uudhaan taphatamu jedhamanii ramadamu.Gosoonni taphaa kanneen faayidaaleen isaan daa'immaniif qaban haala armaan gaditti tarreeffamaniin ilaaluun nidanda'ama.

#### 2.2.2.1 Tapha Sochii Qaamaatiin Taphatamu

Taphni gosa kanaa ilma namaa qofaan osoo hintaane Amfiibiyaanota, Reptaayilootaafi Hoosiftoota hedduudhaan nitaphatama (Power,2000). Hayyoonni *Pellegrini fi Smith, (1998)* akka jedhanitti *i*lma namaatiif taphni gosa kanaa guddinaafi walitti hidhiinsa sammuufi irree akka cimsu ragaaleen nimul'isu.Dabalataanis ciminaafi dandeettii qaamaa cimsuuf nigargaara.

> *"The evidence suggests that this type of play is related to children's developing whole body and hand-eye co-ordination, and is important in building strength and endurance." (P 18).*

#### 2.2.2.2 Tapha Meeshaadhaan Taphatamu

Gosni tapha akka kanaa ilmaan namaa fi warra 'Primate' jedhamaniin kan beekamu yoo ta'u faayidaan isaatis daa'imman wantoonni naannoo isaanitti argaman maal irraa akka hojjetaman, fooliifi boca akkamii akka qabaatan hubachuudhaan naannoo isaanii

wajjin akka walbaran taasisa. Qorannoon namoota Pellegriniifi Gustafson (2005), jedhamaniin godhame akka agarsiisutti yeroon daa'imman mana barumsaatitti meeshaadhaan taphachuun isaan dabarsan barnoota isaanii gara fuulduraa keessatti dandeettii isaan gaaffii Fiizikaalaa deebisuu qabanirratti dhiibbaa qaba.

> *",,,,,A study in which three to five year olds were systematically observed over an entire school year, demonstrated that the amount of playful exploration, construction and tool use in which children engaged predicted their subsequent performance on physical problem-solving tasks."* (P20).

### 2.2.2.3. Tapha Mallattoon Taphatamu

Dhalli namaa uumama biroorraa wantoota adda isa taasisan keessaa qooqa ittiin waliigalu qabaachuu isaati. Kanamalees mallattoolee bakka buutee sagalee kanta'an barreeffama mataa isaa, mallattoolee argaa kan akka fakkiifi dibuu akkasumas kan muuziqaa qaba.Taphoonni mallattoolee kanneenitti fayyadamuudhaan taasifamanis barnootaafi guddina daa'immanii keessatti gahee guddaa taphatu. Hayyoonni Christie fi Roskos (2006) jedhaman waa'ee dhimma kanaa yoo ibsan yaada armaan gaditti dhiyaate kana kaa'u.Taphni mallattoodhaan taphataman guddina dandeettii afaanii cimsuu keessatti gah*een* inni qabu ol'aanaadha.

> *" Extensive research has clearly established that this type of play is a powerful support for developing language abilities and, crucially, through its support for phonological awareness, impacts upon ease with which young children develop early literacy skills."(P21).*

Dabalataanis hayyoonni Whitebread fi Carruthers Worthington,( 2006) yaada kana yemmu ibsan akkaataan taphni kun ittiin gaggeeffamu barattoonni lakkoofsa herregaa

akka sammuu isaaniitti qabatan taasisuun qoyyaboota herregaa bifa salphaa ta'een akka hubatan gargaara jedhu.

*"By placing basic numeracy in meaningful, real life contexts, play involving counting and other basic mathematical operations similarly supports young children's ability to engage with formal mathematics with confidence."(P21).*

Dhimma kana gara taphoota uummata Oromoo keessa jiranitti yoo deebifnee ilaalle kan akka tapha takka maali?, lama lamaan buusiifi tapha saddeeqaa akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

#### 2.2.2.4. Tapha Fakkeessoo Yookiin Gahee Taphachuu

Hayyoonni Whitebread fi Jameson(2010) akka jedhanitti qorannoon gama kanaan godhame akka agarsiisetti taphni gahee taphachuutiin taphatamu gaheen inni sammuu ijoolleefi dandeettii seenessuu isaanii, akkasumas hawaasummaa ijoolleerratti qabu baay'ee guddaadha. Kana malees dandeettii barnoota isaanii bifa seera beekamaarraa ka'uudhaan hiika haalota isaan mudataniif kennuuf (deductive reasoning)itti fayyadamuudhaan hubatan taasisa, akka oftoo'achuu baratan taasisa.

> *"High-quality pretend play has repeatedly been shown to be very closely associated with the development of cognitive, social and academic abilities. Studies have reported the impact of play world experience on narrative skills, of pretense play on deductive reasoning and social competence, and of socio-dramatic play on improved 'self-regulation' among young children who prone to be highly impulsive."(P23).*

#### 2.2.2.5. Tapha Seera Irratti Hundaa'uudhaan Taphatamu

Devries (2006) akka jedhutti daa'imman addunyaa keessa jiraatan hubachuudhaaf hedduu hawwii qabu. Kanarraa kan ka'e seerota addunyaan ittiin bultu barachuu barbaadu.

Kanaafuu taphoota taphataniif seera ittiin taphatamu baafachuu jaallatu.Bu'aa guddaan adeemsa tapha kana keessaa argamu dandeettii hariiroo hawaasumma,dabaree eegudhaan taphachuu, fedhiifi yaada namoota biroo hubachuu yoo ta'u maddi isaa fedhii daa'imman jireenya waleetiif qabaniidha.

> *"As well as helping children to develop their understandings about rules, the main developmental contribution of playing games derives from their essentially social nature. While playing games with their friends, siblings and parents, young children are learning a range of social skills related to sharing, taking turns, understanding others' perspectives and so on."(P24).*

Akkaataa barruu "Learning and developing through play" jedhu irraa hubachuun danda'amutti immoo akkaataa taphni ittiin taphatamurratti hundaa'uudhaan taphoota daa'immanii akkaataa armaan gaditti tarreeffameen ramadu.

#### 2.2.2.6 Tapha kophaa/dhuunfaa

Taphini gosa kanaa kan taphatamu dhuunfaatti yookiin nama biraa osoo hindabalatin yoo ta'u faayidaan isaa daa'imni waan taphachaa jiran sanarratti yeroo baay'ee waan dabarsaniif akkaataa meeshaan taphaa suni ittitolfameefi maalirraa akka tolfame ofii isaaniitiin ittiyaaduudhaan akka hubatan yoo taasisu hir'inni isaa immoo hariiroo hawaasummaa nihir'isa, walirraa baruuf carraa hinkennu.

#### 2.2.2.7 Tapha Waltarree /parallel play

Gosti tapha kanaa daa'imman osoo wal waliin hinqunnamiin matuma isaanii qofaan akkaataa isaaniif mijateen tapha dhuunfaa isaanii taphatu. Daa'imman ijaan ilaaluudhaan walirraa barachuu danda'anillee marii waloo hinqaban.

#### 2.2.2.8Tapha Walee

Taphni kuni kan taphatamu daa'imman fedhii walfakkaataafi meeshaa walfakkaataadhaan cimdiidhaan taphatama. Qunnamtii cimaa jidduu isaaniitti waan fiduuf akka walirraa baratan taasisa; hariiroo isaan jidduu jirus haalaan cimsa. Taphichis kan meeshaadhaan taphatamu yookiin sagaleefi mallattoolee adda addaatti fayyadamuudhaan taphatamu ta'uu nidanda'a.

#### 2.2.2.9Tapha Gamtaa/ Cooperative play

Yeroo baay'ee daa'imman jireenyaafitapha gamtaatti nigammadu.Tapha akkasii yeroo taphatanis nama lamaa ol ta'anii yoo taa'an garee yaada walfakkaatu qabutu dabareedhaan yookiin gahee addaan fudhachuudhaan taphata.Gamtaadhaanis ta'anii maal akka taphachuu qaban, maaliin taphachuu akka qabaniifi akkamitti akka taphatan murteeffatu.

# BOQONNAA SADII

## 3. Mala Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame gahee taphini ijoollee daa'imman barsiisuurratti qabu xiinxaluudha.Kana gochuufimmoo, qorattittiin gosa qorannoo akkamtaatti (qualitative research) fayyadamteettii.. Sababnisaa, qorannoo kana keessatti odeeffannoon guuramu lakkoofsaan osoo hintaane ibsaan hiika kan argatu waan ta'eefidha. Kanarratti, Abiyfi warri biroo (2009:36) yoo ibsani:

> *"Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis,"* jedhu.

Dabalataan, Dastaa (2002:20) waa'ee kana yoo ibsu "Qorannoon mala kanaan (akkamtaan) geggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin yookiin mala ibsaatiin dhiheessa." jedha. Addunyaa (2011:12) yaada kana yoo cimsu:

> "*Ciminni qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan akkam?maaliif? jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati,"* jedha

### 3.1.MaddaRagaalee

Qorannoon kuni maddoota ragaalee dursaa/jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaatti fayyadamteetti.Af-gaaffiifi deebii maanguddootaafi beektota aadaafi seenaa Oromoo madda odeeffannoo dursaa ta'u.Ogeessonni biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti argamanis akkasuma qorannoo kanaan nihammatamu.Galmee kuusaa afoolaa akka madda odeeffannoo lammaffaattifayyadamteetti.Qorannoo kana keessatti namoonni godina Shawaa Bahaaaanaalee

afur irraadhufanii magaalaa Adaamaa jiraatan, ogeessonni Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa, damee Aadaaqorannoo kanakeessatti hammatamaniiru.

**3.2 Iddattoo**

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsamuuf yaalame, kanneen qorannoon kun ilaallatu hundarraa odeeffannoo guuruun bu'a qabeessummaan isaa daran akka cimsu beekamaadha. Haata'umalee, humna qorannoo kanaatii ol ta'a.Kunis, yeroo, bajataafi meeshaalee barbaachisan gahaatti argachuu waan gaafatuufidha.Kanaafuu, iddattoo gargaaramuun barbaachisaadha. Gosa qorannoo qulqulleeffataa keessatti baay'inaan haalota, gochoota, yookiin dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannaa guddaa akka hinqabne Kumar (2005:165) akkanatti ibsa.

> *"In qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquires is either to explore or describe the diversity in a situation, phenomenon, or issue."*

Haata'u maleeqorattittiin qorannoo kana geggeessuu keessatti iddattoon dhimma itti baate gosa iddatteessuu keessaa mit-carraadha. Kun kan ta'eef, jamaa filataman keessaa iddattoo filachuuf carraan waan hinfayyadamneefidha. Kana ilaalchisee Kothari (2010:59) akkanatti ibsa, *"Non probability sampling is that sampling procedure which does not afford any bases for estimating the probability that each item in the population has of being included in the sample."* Kanaafuu, gosa iddatteessuu mit-carraa keessatti, qorattittiin ta'e jettee carraadhaan ala ofii isheetiii iddattoo kan filatte ta'uu hubanna. Dabalataan, iddatteessuun mit-carraa yeroo baay'inni jamaa hinbeekamne yookiin tokko tokkoon addaan baasuufis rakkisaa ta'u kan fayyadamnu ta'uu Kumar (2005:177) akkanatti dhiheessa, "*Non probability sampling designs are used when the number of elements in a population is either unknown or can not be individually identified."*

Kanumaan wal-qabatee, qorattittiin gosa iddatteessuu mit-carraa kana keessaa ammoo gosa tokko kan ta'e iddatteessuu akkayyootti (purpossive sampling) dhimma baate. Sababnisaa, iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorattittiiirratti waan hundaa'aniifidha."Akkayyoo kan jedhames '*akka kaayyoo*' qorannichaatti yookiin qorattittiitti odeeffataa yookiin deebistoota filachuu waan ta'eefi." (Addunyaa, 2009:67). Yaada kana cimsuun Sarantakos (2005:164) akkanatti ibsa*, "In this (purpossive sampling) technique the researchers purposely choose subjects who, in their opinion, are relevant to the project. The choice of respondents is guided by the judgement of the investigator."* Yaada kanarraa, qorataan tokko odeef-kennitoota dhimma sana ittidhiheenyaan nibeeku jedhee ittiamanu ofiin murteessee kan filatu ta'a.

Kanumaan wal-qabatee, Jupp (2006) akka jedhetti iddatteessuun akkayyoo gosa iddatteessuu mit-carraa ta'ee murtoofi filannoo qorataarratti kan hundaa'uufi ulaagaa qoratichi filatu, akkasumas dandeettiifi fedhii isaatiin kan daangeffamu ta'uu isaa yemmuu ibsu yaada armaan gaditti ibsame kaa'a. "*Purpossive sampling is a form of non probability sampling in which decisions concerning the individuals to be included in the sample are taken by the researcher, based up on a variety of criteria which may include specialist knowledge of the research issues or capacity and willingness to participate in the research."*

**3.3 MeeshaaRagaaleen Ittiin Funaanaman**

Meeshaaleen funaansa ragaalee kamiyyuu dhibbaa dhibbatti odeeffannoo sirriifi fudhatamaa argamsiisuuf gahaa ta'e akka hinjirre Kumar (2005:119) yoo ibsu "*None of the methods of data collection provides 100 percent accurate and reliable information."* jedha.Yaada kanarraa meeshaaleen ragaalee funaanuu kamiyyuu hanqina qabaachuufi mataa isaaniitiin guutuu jedhamuu akka hindanda'amne hubanna.Haata'u malee, qorannoo kana geggeessuuf

qorattittiinmeeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa niargamsiisu jettee kanfilatte af-gaaffiifi qaaccessa galmeeafoolaatti dhimma baate.

### 3.3.1. Af-gaaffii

Af-gaaffiin namoonni lama yookiin isaa ol walitti dhufuun yaada sammuudhaa qaban tokkorratti kan waliin dubbatan ta'uu Kumar (2005:123) yoo ibsu "*Any person-to-person interaction between two or more individuals with specific purpose in mind is called an interview," jedha.* Kanumaan walqabsiisee, Kothari (2010) meeshaan odeeffannoo funaanuu kun gaaffii afaaniin dhiheessuufi afaaniin deebii kennuurratti kan hundaa'eefi caalmaadhaan qorannoo gadi fageenyaa barbaaduuf kan oolu ta'uu ibsa.Haaluma kanaan, qorattittiin af-gaaffii caaseffamaafi al-caaseffamaatti fayyadamuudhaan gaaffilee dursa qopheeffachuudhaan, jechoota wal-fakkaataafi duraa duuba wal-fakkaataadhaan odeef-kennitootaaf dhiheessuudhaan odeeffannoonguurameera. Kana ilaalchisee, Kumar (2005:126) haala kanaan yoo ibsu:*"In a structured interview the researcher asks a pre determined set of questions, using the same wording and order of questions as specified in the interview schedule."jedha.* Walumaagalatti, meeshaan kun kan odeeffattuunnamoota dhimmichi ilaallatuuf eenyummaafi kaayyoo ishii ibsuun odeeffannoo irraa funaannattee dha.

### 3.3.2 Qaaccessa Galmee

Barreeffamoota beektotaafi qorattoota waa'ee afoola Oromoo, keessumattuu tapha ijoolleerratti adeemsifamanqaacceffamaniiru. Barruun Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin afoola Oromoo ilaalchisanii maxxanfaman jildiin adda addaa sakattaa'amaniiru. Dabalataanis kitaabbileen barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa oolmaa daa'immaniirraa hanga kutaa saddeettaffaa qorannoo kanaan hammatamaniiru.Sakatta'a godhameenis akka hubachuundanda'ametti kitaabbilee barnootaa kutaa tokko irraa hamma kutaa saddeetiitti argaman keessaa kan tapha ijoollee

muraasa ta’an qofa kaarikulamii isaanii keessatti fayyadaman barnoota Afaan Oromoo kutaa sadaffaafi kutaa shanaffaa qofa.

Dhimmuma kana ragaa qabatamaadhaan dhiyeessuuf kitaaba barataa kutaa sadaffaa keessatti kan argaman:

1. Kan jedhe Hinjenne Hinjedhu
2. Jimmaa Jimmiitoo
3. Yaakuruphee Koofi
4. Tokko Maali? kan jedhan yoo ta’an

Kan kutaa Shanaffaa keessaa immoo “ Ijoollee Gamaa Hoo!” kan jedhu qofa ta’anii argamu. Kitaabbilee baratаа kutaalee biroo keessatti kanhinargamne yoo ta’u keessumattuugosa barnoota biroo keessatti argachuu hindandeenye. Sakatta’a barruulee Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti argamanirratti godhameenis barruu Wiirtuu jedhamtu jildiiwwan adda addaa sakatta’amaniiru.

### 3.4 Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffaman

Qorannoo kana keessatti odeeffannoon mala af-gaaffiifi qaaccessa galmeetiin walitti qabaman qorattittiinragaalee bu’uureffachuun qindeessiteetti. Haaluma kanaan;gaheetaphni ijoolleebarnoota daa’immaniiikeessatti qaban ragaalee argamaniin haala walitti dhiheenya qabaniin qindaa’anii qaacceeffamaniiru.. Odeeffannoon af-gaaffiifi qaaccessa ragaaleetiin argamanis muuxannoo fi hubannoo armaan dura jiraniin walkeessa nyaachifamuun qaacceffamaniiru.Haaluma kanaan qorattittiin odeeffannoo karaaa af-gaaffiidhaafi qaaccessa galmeetiin argaman fakkeenyaafi ragaadhaan deeggeruun qaaccessiteetti.Dhumarrattis qorattittiinodeeffannoon guuraman karaa ibsaatiin yookiin mala qulqulleeffataatiin hiika ittikennuudhaan argannoo barbaachisaarragahuun danda’ameera.

# BOQONNAA AFUR

## 4.Xiinxalaafi Qaaccessa Ragaalee

### 4.1 Seensa

Akkuma kaayyoo qorannoo kanaarratti  ibsame qorattittiin namoota aanaalee afurShawaa Bahaarraa dhufuudhaan magaalaa Adaamaajiraataniifii  beekumsa gahaafi hubannoo tapha ijoollee Oromoorratti qabaachuu danda'an jedhamanii tilmaamaman mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuudhaan ragaalee af-gaafiifi  qaaccessa galmeerraa  argamanirratti hundaa'uudhaan qindeessuudhaan argannoo barbaachisaarra  gahuudha.Haaluma kanaan qorattittiin gaaffilee tapha ijoollee irratti hundaa'an qopheessuudhaan namoota gosa iddattoo akkayyootti fayyadamuudhaan filatamaniif dhyeessuudhaan ragaalee argaman qaaccessiteerti.

Gahee taphni ijoollee daa'imman barsiisuu keessatti qabu hammam akka ta'e hubachuufi kenniinsa barnoota idilee keessatti akkamitti tajaajiluu akka danda'u xiinxaluudhaafi barnoota akkam akkamii barsiisuuf ooluu akka danda'an namoota tapha ijoollee nibeeku jedhaman af-gaaffii gaafachuudhaan ragaagahaa funaanuun danda'amee jira.Dabalataanis Biiroo Barnoota Oromiyaafi Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Finfinneetti argamu deemuudhaan ragaalee barreeffamaan argamaniifi kan barreeffamaan hinqabamin immoo bifa meeshaa arga-dhageettiitiin yoo jiraatan af-gaaffii gaafachuudhaan ragaalee barbaachisoo ta'an sassaabuun danda'ameera.

Xiinxala qaaccessa galmee godhameenis taphni ijoollee godinaalee adda addaatti argaman hammam akka ragaadhaan qabamanii jiran, gaheen taphni ijoollee daa'imman barsiisuu keessatti qabumaal ta'uu akka danda'u,taphni ijoollee guddina sammuu isaanii cimsuu keessatti gummaacha akkamii akka qabaachuu danda'u, qabiyyeewwan tapha ijoollee keessatti argaman

gosa barumsa akkamii barsiisuuf gargaaruu akka danda'aniifii kunis kaarikulamii barnootaa keessatti hammam hojiirra akka oolee jiruhubachuun danda'ameera.

Deebiiwwan af-gaaffilee dhiyaataniif namoonni kennan akkaatuma hubannoofi beekumsa isaaniitti garaagarummaa qabaatus gahee taphni ijoollee daa'imman barsiisuu keessatti qabu ilaalchisee yaadni namoonni kennan walitti qindeessamee yoo xiinxalamu kanarmaan gaditti dhiyaate kana fakkaata:

Taphni ijoollee daa'imman akka afaan qajeellottii dubbatan taasisa.Kana jechuunis afaan akkuma ogummaa biroo shaakala irradeddeebii taasisuun baratama.Akkaataan dubbii namootarraa baratama. Namoonni afaan tokko dubbatan garaagarummaa loogaa qabaachuun isaanii akka fakeenyaatti fudhachuun nidanda'ama. Haata'u malee barnoonni gama kanaan argamu bifa taphaatiin, mukuu baasisuudhaan yookiin bashannansiisuudhaanyoo ta'e milkaa'ina guddaa argata.Gama biraatiin taphni ijoollee hariiroo isaan namoota wajjin qaban cimsa. Taphni yoo taphatamu kophaa hintaphatamu.Dabareedhaan waldhaggeeffachaa, dabareedhaan walharkaa fuudhaa, tapha taasifamu keessatti gahee taphachaati adeemsifama.Kanaafuu hariiroofi walitti dhufeenya daa'imman jidduufi daa'immaniifi namoota isaan taphachiisan yookiin dhaggeeffatan jidduu jiru cimsa.Naamusaafi amala gaarii akka horatan taasisa.

Taphni ijoollee dandeettii daa'immanwaan tokko hubachuufii xiinxaluuf qaban cimsa;
naannoo isaanii akkuma salphaatti akka hubatan taasisa.Kana jechuunis barattoonni yeroo tapha waliin taphatan gaaffii walgaafatu, wantoota naannoo isaaniitti argaman akka hubatan, akka ibsan walgaafatu.Deebiis waliif kennu.Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle waa'ee maatii isaaniifi ollaa isaanii, waa'ee biqiloota naannoo isaaniitti argamanii walgaafatu.Kunis akka naannoo isaanii xiinxalaniifi hubatan walirraa akka barataniifi taateewwan uumamaa akka salphaatti akka hubatan nitaasisa.

Taphni ijoollee bu'aanisaa kan biroo immoo daa'imman safuufi duudhaa hawaasichaa akka hubatan gargaara. Yeroo tapha taphatan waa'ee kabaja nama guddaaf godhamuu qabuu, hariiroo maatii tokko keessa jiru, waa'ee waan nyaatamuufi waan hinnyaatamnee, safuu waaqaafi nama jidduu jiru akka baratan taasisa. Kana malees taphni ijoollee daa'imman haamiilee hojii akka horatan nitaasisa. Hojjetan malee nyaachuun akka hindanda'amne tapha keessatti ibsu; eenyu maal hojjechuu akka danda'us akkasuma ibsu.

Gumaachi taphni ijoollee barnoota ammayyeessuu keessatti qabu immoo yeroo ilaalle gaheen isaa bal'aadha. Hirmaannaa barattootaatiin waan adeemsifamuuf barnoota barataa kan giddu-galeeffate taasisa, gadda irraanfachiisuudhaan nigammachiisa, waan beekaniifi naannoo isaaniitti argamurraatti waan hundaa'uuf barnoota qabatamaa taasisa, barnooticha kennamu haala salphaa ta'een akka hubatan taasisa, muuxannoo qaban akka walirraa baratan gargaara, afoolli Oromoo akka guddatuufi dhaloota dhufutti akka darbu gargaara. Kana malees barumsi beekumsa ammayyaa beekumsa hawaasa keessa jirurraa akka maddu taasisa, garaagarummaa aangoo hawaasa keessaa akka hubatan taasisa.

Walumaagalatti faayidaalee adda addaa tapha ijoollee ilaalchisee namoonni adda addaa eeraniifi qaaccessa galmeerraa argaman kanneen akkaataa isaan kaarikulamii barnootaa keessa galuu ittiindanda'aniifi gosoota barnootaa kam kam barsiisuuf akka gargaaruu danda'an xiinxaluun barbaachisaadha. Dhimmuma kana mirkaneeffachuuf jecha taphoota funaanaman akkaatuma kaayyoo qorannichaarratti ibsameenbakka sirritti tajaajilli isaaniimul'achuu danda'utti addaan baasudhaan qaaccessuun yaalameera.

## 4.2 Akkaataa Taphni Ijoollee Barnoota Adda Addaa Ittiin Barsiisuuf Oolu

### 4.2.1 Akkaataa Taphni Ijoollee Daa'imman Herrega Ittiin Barsiisuuf Oolu

Taphni ijoollee daa'imman sadarkaa guddina adda addaarra jiran tartiiba lakkoofsaa barsiisuurraa eegalee waa shallaguu hamma dandeessisutti haala ooluun barsiisuuf nugargaaruu danda'a.Akka fakkeenyaatti tapha ijoollee armaan gaditti barreeffame haailaallu.

**1. Tokko Maali?**

A: Tokko maali?

B: Tokkeen tokkichuma.

A: Lama maali?

B:Lamaan mucha re'eeti. Tokkeen tokkichuma.

A: Sadii maali?

B:Sadeen sussummani. Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

A: Afur maali?

B: Afur mucha saayyaati. Sadeen sussummani.Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

A: Shan maali?

B: Shanan quba harkaati. Afur mucha saayyaati.Sadeen sussummani.Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

A: Jaha maali?

B; Jaha jabbii qaraxaati.Shanan quba harkaati.Afur mucha saayyaati.Sadeen sussummani.Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

A: Torba maali?

B: Torba marsaa sanbataati. Jaha jabbii qaraxaati.Shanan quba harkaati.Afur mucha saayyaati.Sadeen sussummani.Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

A: Saddeeti maali?

B: Saddeeti dhala leencaati. Torba marsaa sanbataati.Jaha jabbii qaraxaati.Shanan quba harkaati.Afur mucha saayyaati.Sadeen sussummani.Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

A: Sagal maali?

B: Sagal yaa'ii Booranaati. Saddeeti dhala leencaati.Torba marsaa sanbataati. Jaha jabbii qaraxaati. Shanan quba harkaati.Afur mucha saayyaati.Sadeen sussummani.Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

A. Kudhan maali?

B: Kudhan boolla saddeeqaati. Sagal yaa'ii Booranaati.Saddeeti dhala leencaati.Torba marsaa sanbataati.Jaha jabbii qaraxaati.Shanan quba harkaati.Afur mucha saayyaati.Sadeen sussummanii.Lamaan mucha re'eeti.Tokkeen tokkichuma.

Akkuma tapha armaan olitti barreeffame kana irraa hubannutti daa'imman wantoota naannoo isaaniitti argamaniifi aadaa naannoo isaaniitti argamutti fayyadamuun lakkoofsota tokkorraa hamma kudhanii jiran lakkaa'uu akka danda'an taasisuuf gargaaruu isaa hubanna.Kana malees irradeddeebi'uutiin barnoota akka cimsatan taasisuu bira darbee dandeettii waa yaadachuufi waaxiinxaluu daa'immanii gabbisuuf nigargaara.Kanas kan hubannu lakkoofa isa itti aanu erga waamanii booda gara duubaa isa dura waamanitti achi deebi'anii waamuun isaaniiti.Xiyyeeffannaan taphichaa tartiiba lakkoofsaa daa'imman barsiisuu ta'u illee aadaa hawaasichaa illee isuma kanaan haguugee yeroo barsiisu agarra.Kanas hubachuuf jabbiin qaraxaa maal akka taateefi meeqa akka taate gafatanii akka baratan karaa saaqa.Dabalataanis yaa'iin Booranaa meeqa akka taate itti himuudhaan aadaa sabichaatis akka baratan

nigargaara.Wantoota naannoo isaanii jiranis akkaataa yayyaba isaanii ittihima. Kana kan agarsiisu shanan quba harkaa, lamaan mucha re’ee kan jedhan ilaaluu nidanda’ama. Gama biraatiin yoo ilaalle marsaan sambataa torba ta’uu isaatis yoo kaasu taatee uumamaatis barsiisaa akka jiru argina.Walumaagalatti taphni ijoollee “Tokko Maali?” jedhu kuni lakkoofsa barsiisuu bira darbee dandeettiiwwan waliigalaa hedduu ittiin barsiisuullee akka dandeenyu hubanna.

**2. Simbirroo Bareedduu**

A: Simbirroo bareedduu kudhanan qaba. Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Sagaltu hafa.

A: Simbirroo bareedduu sagalan qaba.Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Saddeettu hafa.

A: Simbirroo bareedduu saddeetan qaba. Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Torbatu hafa.

A: Simbirroo bareedduu torban qaba. Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Jahatu hafa.

A: Simbirroo bareedduu jahan qaba. Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Shantu hafa.

A: Simbirroo bareedduu shanan qaba. Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Afurtu hafa.

A: Simbirroo bareedduu afuran qaba. Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B; Sadiitu hafa.

A: Simbirroo bareedduu sadiin qaba. Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Lamatu hafa.

A: Simbirroo bareedduu laman qaba.Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Tokkotu hafa.

A: Simbirroo bareedduu tokkon qaba.Tokko yoo barriste meeqatu hafa?

B: Homtuu hinhafu.

Taphni ijoollee kuni qoyyaboota herregaa keessaa hir'isuu barsiisuuf nigargaara. Gaafataa taphicha keessatti immoo lakkoofsa guddaarraa gara xinnaattitartiiba eegee akkaataa ittiin waamuu qabu yoo beekuun irraa eeggamu inni deebii deebisu immoo lakkoofsota kanneen irraa tokko tokko yoo hir'isaa deeme dhuma irratti duwwaa bira hamma gahutti lakkoofsota argaman waamuutu irraa eegama.

### 4.2.2 **Akkaataa Taphni Ijoollee Daa'imman Saayinsii Naannoo Ittiin Barsiisuuf Oolu**

Barnoonni saayinsii naannoo sadarkaa tokkoffaatti kennamu kaayyoon isaa barattoonni akka naannoo isaanii hubachuufi ibsuu danda'an taasisuudha. Taphni ijoollee Afaan Oromoo keessatti argamus yoo ilaalle dhimmuma jedhame kana kan gabbisu ta'ee argama. Ragaa armaan gaditti dhiyaate/tan kanuma kan mirkanessan ta'u/a.

1. **Hiibbon Tari/teen!**

    **A:** Hiibbon tari/teen.

    **A:** Tar-tari/teen-teen.

**A:** Raada, raada, jibicha,jibicha, jibicha. Dambii tarkaanfadhuu;darbiitii barbaaddadhu.

Tapha kana keessatti gaafatamaan maatiiwwan naannoo isaa/isheetti argaman keessaakan saalaan dhalaa ta'an lama kan keessatti argamaniifi kan dhiirota sadii qaban walumaagalatti maatii miseensota shan qaban sammuu isaatti erga xiinxalatee booda deebii ta'uu nidanda'a kan jedhe himuu eegala. Deebiin isaa tokkoo ol ta'uu nimala. Haata'u malee yoo deebii kennuuf rakkate namicha gaaffii dhiyeessuun "karaa irra nabuusi." jedhee fageenyaafi kallattii ittiin barbaadu gaafachuu nidanda'a. Haala kanaan taphichi Hiibboon tari jedhamu kuni daa'imman baay'ina miseensota maatii naannoo isaaniitti argamanii, saala isaaniifi kallattii qubsuma isaanii akka baraniifi hubatan taasisuuf gargaara.

2. **Mukaafi mukkannoo!**

A: Muka keessaa mukkannoo, laga keessaa dolool'oo bona gogduu, dhiira keessaa Boshee Boshoroo, dubartii keessaa Ashoo maraattuu ganne. Maqaa tarreenanaaf waami.

B: **Maqaa Mukaa**

Birbirsa, Daannisa, Ejersa, Waddeessa, Bakkanniisa,Heexoo, Gaattiraa, Abbaayyii,Buraayyuu kkf,waamuu danda'a.

**Maqaa Lagaa**

Awaash, waabee, Gibee, Dhedheessa, Mogor, Birbir, kkf.Waamuu danda'a.

**Maqaa Namaa**

Ayyaanaa,Abdii, Ayyaantuu, Bariisoo, Birraa, Biqilaa, Caalaa, Carraa, Caraanaa, Damee,Diinagdee fi kkf.waamuu yoo danda'u,

Haala kanaan maqaa bineensotaafi bineeldotaatis addaan baasee, akkaataa walfakkeenya sagalee isaaniitiin waamuu nidanda'a.

Tapha kana keessatti gaaffii namni duraa gaafateef inni/ishiin deebii deebisu/tu maqaa mukaa keessaa mukkeen hoffaa yookiin jirmi isaa qaawwa qabu osoo itti hinmakin, namoota keessaa

immoo nama yaadqalbiin isaa/ishii guutuu ta'e, maqaa laggeen keessaa immoo laga bonaafi ganna addaan osoo hincitin yaa'an keessaa qofa waamuuf carraa qaba/di. Walitti make/tee waamuu hindanda'u/eessu.

Dhimma kana gara faayidaa inni barnoota daa'immanii keessattiqabu yoo hiiknee ilaalle jalqaba irrattii barataan suni garaagarummaa bineensotaafi mukkeen jidduu jiru akka hubatu taasisa.Ittiaansuudhaan immoo garaagarummaa nama fayyaa guutuu qabuufi hinqabne addaan akka baafatu taasisa. Kana malees mukkeen naannoo isaaniitti argamanis garaagarummaa akka qabaatan akka xiiinxalan nitaasisa.Walumaagalatti wantoota naannoo isaaniitti argaman gosa gosa isaaniitiin addaan baasuudhaan mala salphaa ta'een osoo taphatanii akka beekumsa barbaachisaa ta'e horatan taasisa.

### 4.2.3 **Akkaataa Taphni Ijoollee Daa'imman Safuu Hawaasaafi Naamusa Ittiin Barsiisuuf Oolu**

Hawaasni tokko daa'imman isaa bifa ajajaa yookiin qajeelfama kennuutiin safuu hawaasichaa akka barataniifi amala gaarii akka horatan taasisuu hindanda'u. Kanaafuu dhimma guddisa ijoollee keessatti baay'ee barbaachisaa ta'e kana kan galmaan gahatu afoolatti fayyadamuudhaan. Isa kana keessattis gaheen taphni ijoollee taphatukan bakka bu'iinsa biroo hinqabne ta'ee argama.Taphni ijoollee armaan gaditti kennames kanuma ragaa baha.

1. **Jimmaa Jimmiitoo**

    A: Jimmaa jimmiitoo

    B:jim!

    A: Kan farda nyaatu

    B:jim!

    A: Kan harree nyaatu

B:jim!

A: Kan saree nyaatu

B:jim!

A: Kan adurree nyaatu

B: Jim!

A: Kan hantuuta nyaatu

B: Jim!

A: Kan waraabessa nyaatu

B:jim!

A: Hamma handaaqqoon koo Baar Gama geessee deebitutti namni dubbate kanneen armaan olitti tareeffaman kana haanyaatu!

Kana booda "A"n mallattoolee adda addaa agarsiisuufi sagalee nama kofalchiisuu danda'an baasuudhaan akka isaan kolfan yookiin dubbatan taasisuu yaala. Haala kana keessatti namni dura kolfe yookiin dubbate akka nama mo'atameetti fudhatamee taphichis marsaan duraa raawwata. Tapha kana keessatti hirmaattonni taphichaa bineeldonni maqaan isaanii armaan olitti waamaman kan hawaasichi soorataaf itti hinfayyadamne waan ta'aniif kolfanii yookiin dubbatanii isaan kanneen nyaatte yoo jedhaman safuu hawaasichaa akka cabsanitti waan ilaalamaniif callisuu filatu.Achumaanis aadaafi safuu hawaasichaa baratu jechuudha.Yoo wantoota hinnyaatamne kanneen nyaatte jedhamanis kolfuu malee walloluun hinjiru. Naamusaan dhaggeffachuunis/caqasuunis qaamuma naamusa barachuu keessaatti kan ramadamuudha.

### 4.2.4 Akkaataa Taphni Ijoollee Xiinxalaafi Waahubachuu Ittiin Barsiisuuf Oolu

Afoolli Oromoo keessumattuu taphni ijoollee daa'imman akka waa xiinxalaniifi hubannaa barbaachisaa ta'e akka argatan taasisuuf gumaacha guddaa qaba.Karaa idilaawaa hintaaneen

haata'u malee bal'inaan hawaasichi daa'imman isaa ittiin barsiifachuuf ittigargaaramaa jira.Fakkeenyonni armaan gaditti tarreeffaman kanuma hubachuuf nugargaaru.

**1. Ijoollee Gamaa**

**A:** Ijoollee gamaa hoo !

**B:** Ookoo!

A: Kottu hora buunaa.

B: Dhiyaana hinnyaanne.

A: Maaliif nyaachuu didde?

B: Warratu nadhoowwate.

A: Maaliif hindhaanne?

B: Dhaaneera.

A: Essa eessa dhaante?

B: Harma harma jala.

A: Harmi maal siif buuse?

B:Amartii.

A: Amartii maal goote?

B: Hiriyaafan kenne.

A: Hiriyaan maal siif goote?

B: Ulee qal'ayyoo anaaf kennite.

A: Ulee maal goote?

B: Waaqattan aarse.

A: Aarri eessa dhaqe?

B: Waaqa seene.

A: Waaqaa maaltu bahe?

B: Rooba.

A: Roobni maal biqilche?

B: Marga.

A: Marga maaltu dheede?

B: Horii aayyoo tiyyaati.

A: Horii maalitti elmu?

B: Okolee sibiilaati.

A: Okolee maalitti fannisu?

B: Muka xaaxessaati.

A: Xaaxessaa maaltu mure?

B: Qottootu mure.

A: Qottoo eenyutu tume?

B: Ogeessa.

A: Ogeessi kuni eenyu?

B: Kan dandeettii qabu.

A: Dandeettii maaltu fida?

B:Jireenyaafi barnoota.

Tapha armaan olitti dhiyaate kana irraa akkuma hubachuun danda'amutti wantoota akka yaada ka'umsaatti "A"n gaafatu hundaaf "B"n deebii sirriifi kallattii gaaffichaa irratti qofa hundaa'u kennuutu irraa eegama. Akkuma kanaan "A"nis gaaffilee dabalataa kan deebii "B" irratti hundaa'an biroo gaafachuun kan ittifufu yoo ta'u "B"nis deebii kennuu isaa hamma dhuma taphichaatti ittifufa. Akkaataa kanaan daa'imman taphicha keessatti hirmaatanis ta'ee kan taphicha dhaggeeffatan hundi akkaataa itti waan tokko kallattii adda addaatiin xiinxaluu danda'muufi hubannoo taateewwan uumamaa guyyaa guyyaan argan akka hubatan taasisa.Dabalataanis jireenya ilmaan namaatiif sooranni barbaachisaa ta'uu isaa,

barbaachisummaa ogummmaa, akkasumas bu’aa jireenyiifi barnoonni ilmaan namaatiif qaban maal akka ta’e akka hubatan taasisuu keessatti gahee guddaa taphata.Gama biraatiin mata duree taphichaa yoo ilaallee “Koottaa horabuunaa” jechuun isaa hojiif qophaa’uu akka qaban haamilee hojiif qaban kakaasuuf faayidaa qaba.

2. **Uummoon Maal Baatti?**

A: Uummoon maal baatti?

B: Haamtuufi qarabaa.

A: Morma ishee,

B: Shaf!

A: Morma ishee,

B: Shaf!

A: Morma kee,

B: ……..

Tapha armaan olitti dhiyaate kana keessatti gaalee jalqabsiistuun taphaa inni dhumaa “A”n “Morma kee,” jedhee jalqabuuf “B”n “shaf!” jedhee yoo deebise dhuma taphichaa ta’a. Sababiin isaatis yaada dogoggorsaa “A”n dhiyeessee hubannoo malee yoodubbate du’a mataa isaatti waliigaluu ta’ee waanilaalamuuf osoo waahindubbatindura xiyyeeffatanii dhaggeeffachuufi hubachuun barbaachisaa akka ta’e barsiisuuf nama gargaara.Mammaaksi koobaa dubbiiti akkuma jedhamu yaada armaan olitti dhiyaate kana mammaaksaan yoo ibsinu “Osoo hinhubatin qubaa hingubatini!” akkuma jechuuti.

3. **Beenu niduullaa!**

A: Beenu niduullaa!

B: Maal qabadhee?

A: Mucha Gurraa.

B: Gurraan dhale moo hindhalle?

A: Dhalee jira.

B: Dil'uu isaa eessa goote ree?

A: Dallaatti fanniseetan cululleen fudhatte.

B: Ariitee ree?

A: Eeyyen.

B: Hamma eessaatti?

A: Hamma Baar gamaatti.

B: Baar guutuudha moo hir'uudha?

A: Guutuudha.

B: Akkamitti ceete ree?

A:Miilatokkoon tarkaanfadhee tokkoon kottoonfadheetani.

B: Siqofatu tokkoon tarkaanfatee tokkoon kottoonfataa ree raachisii.

A: Raachi waan laga galuufi.

B: Raacha qofaatu laga galaa ree roobiinisii.

A: Roobiin waan gurra bal'atuuf.

B: Roobii qofaatu gurra bal'ataa ree gaachannisii.

A: Gaachanni waan ittiin lolani.

B: Gaachana qofaan lolanii ree waraanaanis ittiin lolanii.

A: Waraanni waan qara addaatu.

B: Waraana qofaatu qara addaataa ree daaraanisii.

A: Daaraan waan haranii gatani.

B: Daaraa qofa haranii gatanii ree sillee dahanii gatanii.

Tapha armaan olii ijoollee lamaan "A" fi "B" jidduutti godhame kana keessatti hubachuu kandandeenyu ajaja "A'n dhiyeessuuf "B"n waan ajajame sana raawwachuundura maal maal

akka barbaachisu dursanii ittiyaaduun barbaachisaa ta'uu isaa; yeroo rakkinni tokko nama mudate immoo furmaata kennuun akka barbaachisaa ta'e daa'imman akka hubatan barsiisuuf nama gargaara.Dabalataanis wantoonni bifaan walfakkaatan hundi tokko akka hintaaneefi akkaataan sochiifibakki jireenya bineeldotaa tokko tokko akka walfakkaachuu danda'u akkaataa utaalcha namaaafi raachaa walbira qabuudhaan, kana malees iddoon jireenya raachaafi roobii laga yookiin bishaan keessa ta'uu isaa akka hubatan taasisa.Kunis ammoo bakka jireenya bineensotaa hubachuun isaanii kun barnoota Saayinsii Naannoo keessatti illee shoora guddaa taphata.

4. **Kanan Jedhe Hinjenne Hinjedhu**

Kanan jedhe hinjenne hinjedhu,

Kan jette naan jedhe fidaa,

Jedhe naan haajedhuu

Hinjennen jedhaa.

Taphni bifa walalootiinarmaan olitti dhiyaate kana hubachuudhaaf yaadaafi qalbii guutuudhaan dhaggeeffachuun barbaachisaadha.Yookiin irradeddeebi'anii yoo dubbatan malee yaada isaa salphaatti argachuun ulfaataa ta'uu mala. Kanaafuu barattoonni waan ittihimamesana hubachuu akka danda'aniif xiinxaluun akka irrajiru hubachiisa.Gaaffiin gama kanaan barataan gaafatamuu malus "Namichi sun waan jedhe qaba moo hinqabu?" kan jedhu ta'a.Deebii isa sirrii ta'e argachuufis jalqaba sararaafi xumura sarara walalichaarratti waannamichi dubbate hubachuu barbaachisa.

5. **Yaa Waraabiileee**

**A**:Yaa Waraabiilee!Maal lagaa goota?

**B**: Kobootan guura.

**A**: Maal ittiin goota?

**B**: Shuummoon affeela.

**A**: Eenyuuf affeelta?

**B**: Daa’imman kiyyaafi.

**A**: Tokkoof daa’imaa; tokko hinko’ooma.

**B**: Ammas nandaha.

**A**: Eessatti deessa?

**B**: Agamsa jala.

**A**: Si hinwaraanuuree?

**B**: Erbee hin qabuuree?

**A**: Hintarsa’uuree?

**B**: Hinsuphadhuuree?

**A**: Maaliin suphita?

**B**;Ribuu jawweetiin.

**A**: Si hinciniinuuree?

**B**:Hinajjeesuuree?

**A**:Maaliin ajjeesta?

**B**: Barcuma waaqaatiin.

**A**: Dhiigni hintuquuree?

**B**: Irraa hindhiquuree?

**A**: Eessatti dhiqxaa?

**B**: Garba Abbaa Gurree.

**A**: Si hinfudhatuuree.

**B**: Daakee hinbahuuree?

Tapha ijoollee kana keessatti waan gaafatamaan hojjechaa jiru, maaliifis akka hojjetu gaafataan yeroo gaafatu inni gaafatame immoo gocha tokkoo tokkoo isaa maaliif akka hojjetu qofa osoo hin taane yeroo hojicha sana geggeessaa jirutti rakkoolee isa mudachuu danda’an maal maal akka ta’uu danda’u  dursee waan ittiyaade fakkaata.Akka fakkeenyaatti barcuma waaqayyoo yoo dhiigni jawwee tuqe akka miiccuu qabu, galaanni akka isa hinnyaanne immoo dursee bishaan daakuu barachuun akka irraa eegamu dursee waan hubate fakkaata.

**6. Andarii Gootaa**

A: Andarii Gootaa!

B: Oo!

A: Maal asii goota?

B: Qorsoon akkaawwadha.

A: Naaf qici qorsoo.

B: Harka sigubdi.

A: Naaf qabbaneessi.

B: Maaliinan siif qabbaneessaa?

A: Bishaan laga Weebi.

B: Leenci naan lolaa.

A: Atillee loliini.

B: Maaliinan lolaani?

A: Ulee agamsaa.

B: Natti ulfaata.

A: Naaf bocaa jedhiin.

B: Eenytu naaf bocaa?

A: Eessuma aabbiyyoo.

B: Eessumni aabbiyyoo maal dalagataa?

A: Garbuu tumata.

B: Maaliin tumata?

A: Eegee hantuutaa.

B: Maalitti naqata?

A: Qalqalloo raachaa.

B: Maaliitti fe'ata?

A: Tafkii okkoltuu.

B: Maaltu masaka?

A: Injiraan ballaa.

B: Naaf qici callaa.

Tapha nama lama jidduutti godhamu kana daa'imman tapha kana dhaggeeffatan ta'es warri taphicha keessatti hirmaatan "A" fi "B"n wantoota hedduu taphicharraa barachuu danda'u.Tokkoffaarratti  wantoota balaa isaanirraan gahuu danda'an irraa ofeeguu akka qaban barsiisa. Yaadni yoo laga bu'an leenci isaan nyaachuu akka danda'u ibsuufi qorsoo ho'aanis akka harka namaa gubu ibsu akka fakkeenyaatti  ilaaluu nidanda'ama.

Akka sadarkaa lammaffaatti ilaaluu kan dandeenyu immoo yaada waa'ee wantoonni humna isaaniitii olta'an ofii isaaniitiif furmaata kennuu yaaluurra  immoo namoota gurguddoofi  beekumsaafi  dandeettii qaban gargaarsa gaafachuu akka qaban ibsu ilaaluun nidanda'ama. Akka fakkeenyaatti ulee agamsaa bocachuuf gargaarsa eessuma aabbiyyoo isaanii yookiinnama lafa bule gaafachuu akka qaban ibsu ilaaluu nidanda'ama. Kana malees eessumni aabbiyyoo suni maal dalagaa akka jiruu gaafachuudhaan nama rakkina yeroo sanatti isaan mudateef  fala kennuufii danda'u ta'uu isaallee  'eessumni aabbiyyoo maal dalagata?' jedhanii gaafachuudhaan addaan baafachuu isaanii agarra.

Tapha kana wanti adda isa godhu kan biraa immoo daa'imman wantoota tajaajila ilma namaatiif kennuu danda'aniifi hindandeenyellee akka bifa taphaatiin kaasanii walgaafachuudhaan akka hubatan nitaasisa.Akka fakkeenyaatti gaaffilee armaan gadii taphicha keessaa filatamanii dhihaatan mee haailaallu.

A: Maaliin tuma?

B: Eegee hantuutaa.

A: Maalitti fe'ata?

B: Tafkii Okkoltuu.

A: Maaltu masaka?

B: Injiraan ballaa.

Akkuma namni kamuu hubachuu danda'utti eegeen hantuutaa midhaan tumuuf ooluu hindanda'u.Tafkii okkoltuunis fe'umsaaf ooluu hindandeessu.Akkuma kana injiraan ballaanis tafkii madaksuuf/masakuuf hinoolu.Kanaafuu taphichi daa'imman "kuni akkamitti ta'uu danda'aa?" jedhanii akka ofgaafatan yookiin akka walgaafatan taasisuudhaan dandeettii waan tokko hubachuufi xiinxaluu akka horatan taasisa.

**4.2.5Akkaataa Taphni Ijoollee Sababeessuun Waahubachuu Ittiin Barsiisuuf Oolu**

Taphni ijoollee mala sababeessuutiin sababaafi bu'aatti (cause and effect) fayyadamuudhaan daa'imman barsiisuuf gahee guddaa taphata.Taphni bifa kanaan dhihaatus ciminni isaa taphoota ijoollee hamma ammaatti ilaallee ol ta'ee mul'ata.Gochi qaama tokkoon raawwatame tokko "maaliif?" jedhee gaafachuudhaan sababa isaa hubachuuf carraaqa.Adeemsa kana keessattis sababaafi bu'aa akka baratu taasifama.Taphoonni ijoollee armaan gaditti dhiyaatanis dhimma kana ibsuuf nigargaaru.

1. **Yaa Kuruphee Koo Kuruph**

A: Yaa kuruphee koo!

B:  Kuruph!

A: Maaluma hojjettaa? Kuruph!

B: Garbuun hammacaa. Kuruph!

A: Mee naaf hammaari. Kuruph!

B: Harka naguba. Kuruph!

A: Bishaan hinjiruu? Kuruph!

B: Bu’ii waraabi. Kuruph!

A: Warri najjeesuu. Kuruph!

B: Warri eessa jiru? Kuruph!

A: Manduuba jiru. Kuruph!

B: Maaluma hojjetuu? Kuruph!

A: Xaafii cagadu.Kuruph!

B: Maaliin cagaduu? Kuruph!

A: Eegee hantuutaa. Kuruph!

B: Maalitti fe’uu? Kuruph!

A: Tafkii okkoltuu. Kuruph!

B: Eessatti okkoltii? Kuruph!

A: Tafatti okkolti. Kuruph!

B: Maaf hingubinaaree? Kuruph!

A: Gubaadha dhabne. Kuruph!

B: Maaliif hinqalinaa ree? Kuruph!

A: Haaduudha dhabnee. Kuruph!

B: Maaliif hintuminaaree? Kuruph!

A: Sibiila dhabne. Kuruph!

B: Maaliif hinbitinaa ree? Kuruph!

A:Gabaa hinbaane. Kuruph!

B: Maaliif hinbayinaa ree? Kuruph!

A: Yeroodha dhabne. Kuruph!

B: Maal rakkattanii? Kuruph!

A: Niko'oommannee. Kuruph!

B: Maaliif hinergifanne? Kuruph!

A: Ollaatu nudide. Kuruph!

B: Maaliif isin dide? Kuruph!

A: Nama ormaati. Kuruph!

B: Yoo ta'e maaliree? Kuruph!

A: Duuti hindabartu.Kuruph!

B: Ormi nuuf hintoltu. Kuruph!

A: Sootala kormaa. Kuruph!

B: Muu dhala ormaa. Kuruph!

A: Sootala kormaa. Kuruph!

B: Muu dhala ormaa. Kuruph!

Taphni kuni nama lamaan kan taphatamudha.Yeroo inni duraa "A"n "Yaa kuruphee koo!"jedhee waamu inni lammaffaa immoo "Kuruph!" jechuudhaan jalaa owwaata.Tapha ijoollee kana keessatti bu'aan kam iyyuu sababa malee akka hinargamne ijoolleen salphumatti akka hubatan taasisa.Akka fakkeenyaatti bu'aa koodee dhabuu, bu'aan ko'ummaa,bu'aan hayyama warraa malee manaa bahuu, bu'aan sibiilaafi haaduu mana keessaa dhabuu sababa maal irraa akka madde akka hubatan taasisa.Dabalataanis jireenya hawaasummaa keessatti wantoonni hedduu kan walirrati hirkataniifi jiraachuufi dhabamuun isa tokkoo isa kan biraarratti dhiibbaa akka qabu akka hubatan gargaara.Ragaadhaaf tapha kana keessatti namaaf ollaan barbaachisaa ta'uu

isaa, waan barbaadan tokko bitachuuf immoo gabaan barbaachisaa ta'uu isaa hubachiisuu isaa akka fakkeenyaatti ilaaluun nidanda'ama.

**2. Abbaa Biloo**

Hubannoof akka toluuf taphni kun hiriyaa Biloo, namicha Abbaa Biloo jedhamu, tuqaa lafa jala jiraatu, hidda laga/gaalee, adurreefinamicha maqaan isaa hinbeekamin kan karaa deemaa jirurratti kan fuuleffateedha. Waliin dubbiin Abbaa Biloofi mucichaakan jalqabe yeroo abbaan Biloo hidda buqqisaa jirutti.Kan "A"dhaan bakka buufame hiriyaa Bilooti.

A: Abbaa Biloo! Biloo dhaani.

B: Maaliif?

A: Biloon dooqa kiyya kan diraa dhibbaa daaw'atee furminaan bishaanitti najalaa gate kanaafi.

B: Ani hindhaanu! Maaliif?

A: Hiddanana abbaa Biloo ija isaa jaamsi.

C: Maaliif?

A: Abbaan Biloo Biloo dhaanuu dide. Biloon dooqa koo kandiraa dhibbaa daaw'atee furminaan bishaanitti najalaa gate kanaafi.

C: Ani ija hinjaamsu!Maaliif?

A: Tuqaannana hidda kana quluuxi.

D: Maaliif?

A: Hiddi abbaa Biloo ija jaamsuu dide. Abbaa Biloo Biloo dhaanuu dide. Biloon dooqa koo kandiraa dhibbaa daaw'atee furminaan bishaanitti najalaa gate kanaaf.

D: Ani hidda hinquluuxu! Maaliif?

A: Adurreenana tuqaa kana nyaadhu.

E: Maaliif?

A: Tuqaan hidda quluuxuu dide. Hiddi abbaa Biloo ija jaamsuu dide.Abbaan Biloo Biloo dhaanuu dide.

Biloon dooqa koo kandiraa dhibbaa daaw’atee furminaan bishaanitti najalaa gate kanaaf

.E: Ani hinnyaadhu tuqaa! Maaliif?

A: Yaanamana mee adurree kana ajjeesi.

F: Maaliif?

A: Adurreen tuqaa nyaachuu didde. Tuqaan hidda quluuxuu dide. Hiddi abbaa Biloo ija jaamsuu dide. Abbaa biloo Biloo dhaanuu dide. Biloon dooqa koo kandiraa dhibbaa daaw’atee furminaan bishaanitti najalaa gate kanaafi.

F: Adurree hin ajjeesu! Maaliif?

Taphichi haala kanaan kan ittifufu yoo ta’u sababni mucaan suni warroota akka haaloo bahaniif gaafatu akkaatuma raawwii isaaniitiin guddachaa, sadarkaan isaanii dabalaa deemuu isaanii agarra. Kanas ibsachuuf jecha mucichi yeroo jalqabaairraakaasee sababa isaan akka haaloo bahaniifi gaafachuuf tartiibessee akkaataa ittiin dhiyeesse agarra.Isaan hundinuu waan tokkoof tumsuu isaanii dura sababa isaa yemmuu gaafatan agarra. Isaaniis wantoonni amanuu dhaban tokko yeroo isaan mudatu gurbicha gargaarsa isaanii gaafachaa jiru qofa osoo hintaane matuma isaaniillee ani maaliifan kana raawwachuu qaba jedhanii yeroo ofgaafatan agarsiisa.Taphichis sababaafi bu’aarrattikan hundaa’e ta’ee hariiroo namoota gidduu jiru qofa osoo hintaane namaafi biqiloota gidduu, akkasumas namaafi bineensota gidduu jiru mala dubbii nameessaatti fayyadamee wal-waliin yemmuu haasofsiisuufi hacuuccaafi miidhaan humna isaaniitii ol ta’e tokko yeroo isaan mudatu akka waliif gadduu qabaniifi hamma humna isaanii akka waliif tumsuu qaban hubachiisa.

# BOQONNAA SHAN

# 5.Cuunfaafi Yaada Furmaataa

## 5.1Cuunfaa

Taphni ijoollee kan daa'imman wallaalummaa yookiin bilchina dhabuuisaaniirraa kan ka'e raawwatan godhamee ilaalamuu hinqabu. Taphichi guddina sammuu daa'immanii keessatti baay'ee barbaachisaafi murteessaadha. Taphni ijoollee gosoota hedduu kan qabuufi faayidaa guddinaafi barnoota isaaniif qaburratti hundaa'uudhaan bakka shanitti addaan baasuu nidanda'ama. Isaanis: Tapha sochii qaamaatiin taphatamu, taphameeshaadhaan taphatamu,tapha mallattoon taphatamu,tapha seera irratti hundaa'uudhaan taphatamuufi tapha fakkeessoo yookiin gahee taphachuudhaan taphatamu jedhamanii beekamu.Gama biraatiin akkaataa taphichi ittiin adeemsifamurratti hundaa'uudhaan immoo tapha ijoollee bakkoota afur gurguddootti ramadamuu nidanda'u .Isaanis tapha tokkee, tapha waltarree, tapha walee fi tapha gamtaa jedhamanii beekamu.Qorannoo kana keessatti tapha tokkeefi waltarree malee taphoonni kuun kallattiinis ta'ee alkallattiidhaan hammatamanii jiru.

Taphni ijoollee guddina sammuufi qaama isaaniirratti gaheen qabu guddaadha. kenniinsa barnootaa keessatti gaheen qabu hedduudha.Isaan keessaas:dandeettiiwwan afaanii qabatamaan akka gabbifatan gargaara, barnoota kennuufi hubannoo uumuuf nigargaara, safuufi dudhaa hawaasaa eeguuf nioola, bashannansiisuuf nioola, akkasumas haamilee kufte kaasa, miira namatti hora.

Taphni ijoollee Oromoo hawaasa keessatti bal'inaan argamu barnoota adda adaa barsiisuuf ooluu nidanda'a.Akkaatuma cimina taphichaatiinis gosoota barnoota adda addaa ittiinbarsiisuufnioola.Gosoota barnootaa ittin barsiisuuf ooluu danda'u keessaa:Taphni ijoollee daa'imman sadarkaa guddina adda addaa irra jiran tartiiba lakkoofsa barsiisuu irraa eegalee waa shallaguu hamma dandeessisutti haala ooluun herrega barsiisuuf nugargaaruu danda'a.

Barnoonni saayinsii naannoo sadarkaa tokkoffaatti kennnamu kaayyoon isaa barattoonni akka naannoo isaanii hubachuufi ibsuu danda'an taasisuudha.Kunis barnoota kennamu akka qabatamaa taasisuufi barnoota barataa giddu galeeffatte kennuuf shoora guddaa taphata. Taphni ijoollee Afaan Oromoo keessatti argamus yoo ilaalle dhimmuma jedhame kana kan gabbisu ta'ee argama. Kanas dandeettiiwwan afaanii keessaa dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu ijoollee baay'ee cimsa ,sodaa dubbachuu kan qaban ammoo akka ija jabaatanii dubbatan taasisa. Hawaasni tokko daa'imman isaa bifa ajajaa yookiin qajeelfama kennuutiin safuu hawaasichaa akka barataniifi amala gaarii akka horatan taasisuu hindanda'u. Kanaafuu dhimma guddisa ijoollee keessatti baay'ee barbaachisaa ta'e kana kan galmaan gahatu afoolatti fayyadamuudhaan.

Taphni ijoollee Oromoo daa'imman akka waa xiinxalaniifi hubannaa barbaachisaa ta'e akka argatan taasisuuf gumaacha guddaa qaba. Qabiyyeewwan dhimmoota armaan olitti dhiyaatan kanneen gara gosoota barnoota kaarikulamii sadarkaa tokkoffaa keessatti argamanitti yoo jijjiirree hiikne gosa barnootaa kan akka Afaan Oromoo, Herrega, Barnoota Hawaasaa, Barnoota Saayinsii Naannoofi Barnoota Aadaa ittiin barsiisuu nidandeenya jechuudha.

Hawaasni Oromoo karaa idilaawaa hintaaneen haata'u malee bal'inaan hawaasichi daa'imman isaa ittiin barsiifachuuf ittigargaaramaa jira.Garuu taphoota babbareedoofi yaada gabbataa ofkeessaa qaban kanaafi guddina sammuufi qaama daa'immaniirratti shoora guddaa taphachuu danda'an kunniin kaarikulamii barnootaa keessatti bal'inaan galanii hinjiran.

Qorattittiinis qorannoo ishii kana keessattigaheen taphni ijoollee daa'imman gosa barnoota adda addaa ittiin barsiisuu keessatti qabu ragaa qabatamaadhaanmirkaneeffattetti. Akkaatuma kaayyooqorannichaarratti ibsamettibu'aawwan qorannichaa haala armaan gaditti tarreeffameen dhiyeessiteetti.

Taphni ijoollee herrega barsiisuuf nigargaara. Daa'imman wantoota naannoo isaaniitti argamaniifi aadaa naannoo isaaniitti argamutti fayyadamuudhaan lakkoofsota tokkorraa hamma kudhanii jiran lakkaa'uu akka danda'an taasisuuf gargaaruu isaa hubanna.Kana malees irradeddeebi'uutiin barnoota akka cimsatan taasisuu bira darbee dandeettii waa yaadachuufi waaxiinxaluu daa'immanii gabbisuuf nigargaara.Kanas kan hubannu lakkoofa isa itti aanu erga waamanii booda gara duubaa isa dura waamanitti achi deebi'anii waamuun isaaniiti.Xiyyeefannaan taphichaa tartiiba lakkoofsaa daa'imman barsiisuu ta'u illee aadaa hawaasichaa illee isuma kanaan haguugee yeroo barsiisu agarra. Kanas hubachuuf jabbiin qaraxaa maal akka taateefi meeqa akka taate gaafatanii akka baratan karaa saaqa.Dabalataanis yaa'iin Booranaa meeqa akka taate ittihimuudhaan aadaa sabichaatis akka baratan nigargaara.Wantoota naannoo isaanii jiranis akkaataa yayyaba isaanii ittihima. Kana kan agarsiisu shanan quba harkaa, lamaan mucha re'ee kan jedhan ilaaluun nidanda'ama. Gama biraatiin yoo ilaalle marsaan sanbataa torba ta'uu isaatis yoo kaasu taatee uumamaatis barsiisaa akka jiru argina.Dabalataanis immoo taphni ijoollee qoyyaba herregaa hir'isuu ittiin barsiisuuf akka ooluu danda'u hubanna.

Taphni ijoollee dandeettii daa'imman waan tokko hubachuufi xiinxaluuf qaban cimsa.
Naannoo isaanii akkuma salphaatti akka hubatan taasisa. Kana jechuunis barattoonni yeroo tapha waliin taphatan gaaffii walgaafatu, wantoota naannoo isaaniitti argaman akka hubatan, akka ibsan walgaafatu.Deebiis waliif kennu.Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle waa'ee maatii isaaniifi ollaa isaanii, waa'ee biqiloota naannoo isaaniitti argamanii walgaafatu.Kunis akka naannoo isaanii xiinxalaniifi hubatan walirraa akka barataniifi taateewwan uumamaa akka salphaatti akka hubatan nitaasisa.

Taphni ijoollee bu'aan isaa kan biroo immoo daa'imman safuufi duudhaa hawaasichaa akka hubatan gargaara. Yeroo tapha taphatan waa'ee kabaja nama guddaaf godhamuu qabuu, hariiroo

maatii tokko keessa jiru, waa'ee waan nyaatamuufi waan hinnyaatamnee, safuu waaqaafi nama jidduu jiru akka baratan taasisa. Kana malees taphni ijoollee daa'imman haamilee hojii akka horatan nitaasisa. Hojjetan malee nyaachuun akka hindanda'amne tapha keessatti ibsu; eenyu maal hojjechuu akka danda'us akkasuma ibsu.

Gumaachi taphni ijoollee barnoota ammayyeessuu keessatti qabu immoo yeroo ilaalle gaheen isaa bal'aadha. Hirmaannaa barattootaatiin waan adeemsifamuuf barnoota barataa kan giddu-galeeffate taasisa, waan beekaniifi naannoo isaaniitti argamurraatti waan hundaa'uuf barnoota qabatamaa taasisa, barnooticha kennamu haala salphaa ta'een akka hubatan taasisa, muuxannoo qaban akka walirraa baratan gargaara, afoolli Oromoo akka guddatuufi dhaloota dhufutti akka darbu gargaara. Kana malees barumsi beekumsi ammayyaa beekumsa hawaasa keessa jirurraa akka maddu taasisa, garaagarummaa aangoo hawaasa keessaa akka hubatan taasisa.

### 5.2Yaada Furmaataa

Guddinniifi qaroominni hawaasa tokkoo beekumsaafi aadaa baroota dheeraaf guddifachaafi dhaloota haaraatti dabarfate kunuunsuufi ittifayyadamuurraa eegala. Sabni Oromootis afoola hedduu, keessumattuu tapha ijoollee guddattuufi qaccee isaa borii ittiin qaree guddifatu hedduu qaba. Haata'u malee gama ogeeyyii barnootaafi biirolee dhimmi kuni ilaallatuun xiyyeeffannaa gahaa waan argate hinfakkaatu. Kanaafuu haalli taphni ijoollee Oromoo kuni kaarikulamii barnootaa keessatti hammatamee gosoota barnoota adda addaa barsiisuuf ittiin ooluu qaburrattii gaheen barsiisotaa, Biiroo Barnootaa, Biiroo Aadaafi Turizimii, akkasumas hunda keenyarraa eegamu bal'aadha.

1. Ogeessonni Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti argaman afoola Oromoo qorachiisanii bifa maxxansaafi meeshaalee arga-dhageettiin qindeessanii qabuun kan jajjabeeffamu ta'ee akkaataa saba bal'aa bira ittigahuu danda'anirratti hojjechuutu irraa eegama. Keessumattuutattaaffiin qorannoowwan harka isaaniitti argaman kaarikulamii barnootaa

keessa galuu ittidanda'an irratti Biiroo Barnoota Oromiyaa wajjin ciminaan hojjechuutu irraa eegama.

2. Biiroon Barnoota Oromiyaa gama isaaniitiin immoo kaarikulamii barnootaa keessumattuu sadarkaa tokkoffaa keessa jiran sakatta'uudhaan akkaataa taphoonni ijoollee gosa barnoota adda addaa keessatti hammatamanii barnoota daa'immaniitiif oolan irratti hojjechuutu irraa eegama.
3. Barsiisonniifi ogeeyyiin barnootaa hundi immoo kitaabbilee barnootaa barsiisaa jiran madaaluudhaan yaada fooyya'iinsaa dhiyeessuu bira darbanii afoola bal'aa hawaasa keessatti argaman qorachuun barnoota guyyaa guyyaa keessatti ittifayyadamuutu irraa eeggama.
4. Hawaasni bal'aanis dhaloota isaa haarawaaf taphoota ijoollee akkasumas aadaafi safuu isaa osoo hinqisaasa'iniifi akka jirutti dabarsuutu irraa eegama.
5. Dhaloonni amma jiru kunis afoolli funaaname kun akka hinbadneefi harca'ee hinhafne jireenya guyyaa guyyaa isaa keessatti ittifayyadamuudhaan dhaloota itti aanutti dabarsuutu irraa eeggama.

## Wabiilee


Abdulbasit Abdulsemed(2015) :Mirriysaa: Sirna Harargeetti seenaafi aadaan ittiin ibsamu: Finfinnee, Gaazexaa Bariisaa.

Abiy Zegeye, and (et al.) (2009)..Introduction to Research Methods: Preparatory Module for Addis Ababa University Graduate Programmes, Graduate Studies, and Research office AAU

Adugna Barkessa (2009).:Terminology Related Problems in Teaching Afaan Oromoo. German: Vdm Publishing House.

Austin (1983) :Understanding Oral Litrature.Nairbi: Nairobi University Press.

Beekan Gulummaa (2014): Faayidaa Afoola Oromoo, Finfinnee.

Bukenya, A. S. (2001). Oral Literature, a Senior Course form 3 and 4. Nairobi: Longhorn Publishers.

Christie, J.F. and Roskos, K.A. (2006) Standards, Science, and the Role of Play in Early Literacy Education. Oxford: Oxford University Press.

Dastaa Dassaalany (2002):Bu'uura Qorannoo, Addis Ababaa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

DeVries, R. (2006).Games with Rules. In D.P. Fromberg and D. Bergen (Eds) Play from Birth to Twelve, 2nd Ed. Abingdon, Oxon: Routledge.

Drhae-ri Kim (2003) .The Role of Folktales Today.A Korea teachers Guide ,South Korea,Seol National University.

ፍቃደ አዘዘ (1991)፡ የስነ-ቃል መመርያ፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ የመጽሓፍ ማእከል፣ አዲስ አበባ

Eunice Suter(2013).International Journal of Humanities and Social Science Vol. 3 No. 6

Jupp, Victor (2006): The Sage-Dictionary Of Social Research Methods. London: Pine Forge press.

Kothari C.R (2010): Research Methodology. Rajust,India : University of Rajasthan.

Kumar Ranjit (2005): Research Methodology; A step by Step Guide for beginners (2nd ed.),Singapore,

Lusweti, B. M. (1992). The Hyena and the Rock:AHandbook of Oral Literature for Schools. Nairobi: Macmillan Press Ltd.

Miruka (1999) .Studying Oral literature.Nairobi:Acacia Puplishers.

Pellegrini, A. D., and Gustafson, K. (2005). Boys' and girls' uses of objects for exploration, play and tools in early childhood. In A. D. Pellegrini, and P.K. Smith (Eds.).The nature of play: Great apes and humans.(pp. 113-135). New York: Guilford Press.

Pellegrini, A.D, and Smith, P.K. (1998). Physical Activity Play: The Nature and Function of a Neglected Aspect of Play.Child Development, 69(3).577-598.

Power, T.G. (2000).Play and exploration in children and animals. Mahwah, NJ: Lawrence Erlbaum.

Ruth Finnegan ( 2012) :Oral Litrature in Africa ,Volume 1,Cambridge, Cambridge University.

Sarantakos (2005): Qualitative research in social Science ,Ireland :University Colledge Dublin.

Singer D., GOLINKOFF, r.m.,& Hirush-Pasck K. (Eds) (2006). Play= Learning: How play motivates and enhances Childrens Cognitive and Social Emotional Growth.Newyork,NY: Oxford university press

Sr. Rose Leon SJC (2009): The Role of Oral Literature in Moral Development,Texas: University Of Texas Press.

Tadesse Jaleta Jirata (2013); Phd thesis , Children and Oral Tradition Among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia ,Nok :Norway .

Tobias Oloo Owiti et al (2013) : Use of oral literature in the Teaching of English Grammar in Secondary Schools in Bondo district- Kenya

Whitebread, D., Bingham, S., Grau, V., Pino Pasternak, D. and Sangster, C.(2006) Development of Metacognition and Self-Regulated Learning in Young Children: the role of collaborative and peer-assisted learning. Journal of Cognitive Education and Psychology, 6, 433-55.

Whitebread, D.and Jameson, H. (2010). Play Beyond the Foundation Stage: Story-tellingreative writing and self-regulation in able 6-7 year olds. In J. Moyles (Ed.), The Excellence of Play,3rd Ed. (pp. 95-107). Maidenhead: Open University Press.

DABALEE “A”

YUNIVARSITII SAAYINSIIFI TEEKINOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARNOOTAA HUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Af-GaaffiiBiiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatiif Dhiyaate.

Af-gaafii haala galmeessuufi qabiinsa tapha ijoollee gama Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin taasifame ilaalchisee ogeessa damee aadaatiif dhiyaate.

Kabajamaa ogeessa dame aadaa Oromoo,Gaaffileen armaan gadii taphni ijoollee Oromoo hammam barreeffamaanis ta’ee meeshaalee arga-dhageettiitiin galmeeffamanii akka qabamanii jiraniifi qorataman hubachuudhaaf kan dhiyaataniidha.

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee taphni ijoollee barnoota daa’immanii keessatti qabu xiinxaluudha.Gaaffiifi deebii kana nawajjin geggeessuuf waan naaf heyyemamuuf qophii taatanii argamtaniif galatoomaa.

**Kutaa I**. Odeeffannoo Dhuunfaa

Qajeelfama. I

1. Maqaafigahee hojii keessan________________________________

2. Saala:_____

3. Umrii: _______

4. Bara tajaajila waajjira keessatti qabdan _____________

Kutaa II. Gaaffilee af-gaaffii Waliigalaa

- Taphni ijoollee hammam qoratamee galmeeffamaa jira? Hammi qoratames faayidaa barnootaatiif akka oolu tattaaffiin gama biiroo keessaniin godhame maal fakkaata?
- Deeggarsi gama biiroo keessaniin qorattootaaf taasifamu maal fakkaata?
- Hariiroon damee afoolaafi Biiroo Barnoota Oromiyaa jidduu jiraachuu qabu maal fakkaachuu qaba jettanii amantu?

DABALEE “B”

YUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKINOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARNOOTAA HUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Af-GaaffiiBiiroo Barnoota Oromiyaatiif Dhiyaate

Af-gaaffii haala gahee taphni ijoollee barnoota daa’immanii keessatti qabu ilaalchisee dhiyaate.

Kabajamaa ogeessa Biiroo Barnoota Oromiyaa,

Gaaffileen armaan gadii taphni ijoollee Oromoo hammam kaarikulamii barnootaa keessatti hammatamee barnoota daa’immaniitiif oolaa akka jiru hubachuudhaaf kan dhiyaataniidha.

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee taphni ijoollee barnoota daa’immanii keessatti qabu xiinxaluudha.Gaaffiifi deebii kana nawajjin geggeessuuf waan naaf heyyemamuuf qophii taatanii argamtaniif galatoomaa.

**Kutaa I**. Odeeffannoo Dhuunfaa

Qajeelfama. I

1. Maqaafigahee hojii keessanii________________________________

2. Saala:_____

3. Umurii: _______

4. Bara tajaajilaa waajjira keessatti qabdan _____________

Kutaa II. Gaaffilee af-gaaffii Waliigalaa

- Gaheen taphni ijoollee daa’imman barsiisuu keessatti qabau maali?
- Gumaachi taphni ijoollee barnoota hammayyaakeessattiqabu hammami?
- Qabiyyeewwan tapha ijoollee keessatti argaman gosa barumsa gara garaa ittiin barsiisuuf hammam gargaaruu danda’a?

DABALEE “ C”

YUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKINOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARNOOTAA HUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Af-gaaffiibarsiisota Afaan Oromoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa magaalaa Adaamaatti argamaniif dhiyaate

Af-gaaffii haala gahee taphni ijoollee barnoota daa'immanii keessatti qabu ilaalchisee dhiyaate.

Kabajamaa barsiisaa,

Gaaffileen armaan gadii taphni ijoollee Oromoo hammam kaarikulamii barnootaa keessatti barnoota daa'immaniitiif oolaa akka jiru hubachuudhaaf kan dhiyaataniidha.

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee taphni ijoollee barnoota daa'immanii keessatti qabu xiinxaluudha.Gaaffiifi deebii kana nawajjin geggeessuuf waan naaf heyyemamuuf qophii taatanii argamtaniif galatoomaa.

**Kutaa I**. Odeeffannoo Dhuunfaa

Qajeelfama. I

1. Maqaafigahee hojii keessanii________________________________

2. Saala:_____

3. Umrii: _______

4. Bara tajaajilaa waajjira keessatti qabdan _____________

Kutaa II. Gaaffilee af-gaaffii Waliigalaa

- Gaheen taphni ijoollee daa'imman barsiisuu keessatti qabu maali?
- Gumaachi taphni ijoollee barnoota ammayyaa keessatti qabu hammami?
- Qabiyyeewwan tapha ijoollee keessatti argaman gosa barumsa gara garaa ittiin barsiisuuf hammam gargaaruu danda'a?
- Gumaachi taphni ijoollee barnoota ammayyeessuu keessatti qabu hammami?

- Taphni ijoollee kitaabbilee baratаa barnoota barsiisaa jirtan keessatti hammam hojiirra oolee jira? Gara fuula duraa maal yoo fooyya'e wayya jetttu?
- Taphni ijoollee guddina sammuu isaanii cimsuu keessatti gummaacha maal qaba?
- Mee Tapha ijoollee naannoo keessanitti taphatamu naaf eeraa.

DABALEE “D”

YUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKINOOLOOJII ADAAMAATTI

MANA BARNOOTAA HUMAANITIIFI SEERAA

MUUMMEE AFAAN OROMOO

Af-gaaffiijiraattota magaalaa Adaamaatti argamaniif aanaalee Baha Shawaarraa dhufaniif dhiyaate

KabajamooObboo/Aaddee-------------------,

Gaaffileen armaan gadii taphni ijoollee Oromoo hammam bal’inaan hawaasa keessatti akka argamaniifi barnoota daa’immanii keessatti gahee akkamii akka qabaatan hubachuudhaaf kan dhiyaataniidha.

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee taphni ijoollee barnoota daa’immanii keessatti qabu xiinxaluudha.Gaaffiifi deebii kana nawajjin geggeessuuf waan naaf heyyemamuuf qophii taatanii argamtaniif galatoomaa.

**Kutaa I**. Odeeffannoo Dhuunfaa

Qajeelfama. I

1. Maqaa___________

2. Saala:_____

3. Umrii: _______

4. Teessoo/ganda_______

**Kutaa II. Gaaffilee af-gaaffii Waliigalaa**

- Gaheen taphni ijoollee daa’imman barsiisuu keessatti qabu maali?
- Taphni Ijoollee guddina sammuu isaanii cimsuu keessatti gummaacha maal qaba?
- Mee tapha ijoollee naannoo keessanitti taphatamu natti himaa.